# Barnoota Safuu

# Kitaaba Barattootaa

## Kutaa 4

**Madaqsitoota:**

Iyyerusaalem Garbaabaa

Sirriiqaa Gammachuu

**Gulaaltota:**

Abdulqaadir Amaan

Dajanee Galataa

Fiqaaduu Qana`aa (PhD)

**Seecca'aa:**

Fiqaaduu Qana'aa (PhD)

**Madaalaa Qulqullinaa:**

Darajjee Mokonnin Dheeressaa

**Giraafiksii**

Taaddasaa Dinquu

**Fakkibsa**

Buzaayyoo Girmaa

© Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2015/2023

Mirgi abbeentaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Kitaaba kana hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaanis ta'e gamisaan maxxansuufi baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

## Galata

Kitaabni kun, ka'umsaaf hoggansa Ministeera Barnootaa jalatti, walta'iinsa Yuunivarsiitotaa Hawaasaa, Jimmaa, Addis Ababaafi Baahirdaariin qophaa'e. Itti aansuun, qindeessummaa Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin madaqfamee qophaa'e.

Kanaafuu, qaamolee hojii kana keessatti qooda fudhatan kanneen akka Ministeerri barnootaa, qopheessitoota Yuunivarsiitotaafi madaqsitoota ogeeyyii barnootaa naannoo keenyaa hundaaf Biiroon Barnootaa Oromiyaa galata guddaa qaba.

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

**Boqonnaa 1: Ofiinboonuu Dagaagsuu........................1**

1.1. Ofiinboonuu.......................................................2

1.2. Amaloota Namoota Ofiinboonanii ..............................4

1.3. Akkaataa ofiinboonuu ittigabbifatan ..........................11

1.4. Faayidaalee Ofiinboonuu ......................................12

1.5. Dandeettiiwwan Rakkoo Dandamachuu ....................13

1.6. Dhiibbaawwan Ofiinboonuu Dhabuu..........................15

**Boqonnaa 2: Mirgoota Namummaa ..........................20**

2.1 Mirgoota Namummaa...............................................21

2.2. Barbaachisummaa Kabaja Mirgoota Namummaa..........22

2.3. Mirgaafi Dirqama Namummaa..................................24

2.4. Kabaja Namummaa ................................................27

2.5. Kabaja Mirga Daa'immanii......................................29

2.6. Kabaja Mirga Dubartootaa .....................................31

2.7. Kabaja Mirga Qaama Miidhamtootaa..........................32

**Boqonnaa 3: Nagaa ..........................................39**

3.1. Nagaa ..................................................................40

3.2 Barbaachisummaa Nageenyaa......................................42

3.3.Karaalee Nageenyi Itti Dagaagu................................43

3.4. Waldhabdee Karaa Nagaan Hiikuu.............................46

3.5. Miidhaa Dhabamuun Nageenyaa fidu .........................51

**BOQONNAA 4: Naamusa Jireenya Hawaasummaa Keesstti.........................................55**

4.1. Maalummaa Naamusaa ................................................56

4.2. Barbaachisummaa Naamusaa Jireenya Hawaasummaa Keessatti .................................................................60

4.3. Yeroo Boqonnaatti Sirnaan Fayyadamuu .....................61

4.4 Gochaalee Jireenya hawaasummaa keessatti Aadaafi Aadmalee ta'an ..........................................................65

4.5. Nageenyaafi Daandii Tiraafikaa..................................71

4.6. Qajeeltoowwan Naamusaa Tajaajila Hawaasummaa Keessatti ..................................................................75

**BOQONNAA 5: Aadaa Waldanda`uu..........................81**

5. 1. Maalummaa Aadaa Waldanda`uu................................82

5. 2. Mul`istoota Aadaa Waldanda`uu..................................83

5.3. Barbaachisummaa Aadaa Waldanda`uu........................85

5.4. Wantoota Aadaa waldanda`uutti gufuu ta`an...............86

**BOQONNAA 6: Aad-danummaa Kabajuu.................90**

6.1. Aad- danummaa Kabajuu ..........................................90

6.2. Barbaachisummaa Tokkummaa Aad-danummaa Keessatti ..................................................................93

6.3. Aad- danummaa Keessatti Faayidaalee Waldanda`uu.....98

6.4. Aad-danummaa Keessummeessuu ............................100

# BOQONNAA 1

# Ofiinboonuu Dagaagsuu

Barnoota safuu kutaa sadaffaa keessatti dhimmoota naamusa qabaachuufi ofkabajuu, akkasumaas ofbeekuufi namoota biroo hubachuuf wantoota bu'uura ta'an baratteetta. Kunis ofitti amanamummaa akka horattuufi ofii keef ilaalcha gaarii akka qabaattu kan kaayyeffatedha. Barnoota kutaa kanaa keessatti immoo ofiinboonuu, barbaachisummaa ofiin boonuu, maloota ofiinboonuu cimsuuf gargaaran, dandeettii ofiinboonuu gabbifachuufi miidhaawwan ofiinboonuu dhabuun fidu nibaratta.

## Bu'aalee barachuu boqonnaa kanaa:

- hiika ofiinboonuu ibsuu;
- barbaachisummaa ofiinboonuu addeessuu;
- maloota ofiinboonuu cimsuuf gargaaran addabaasuu;
- amaloota ofiinboonuu agarsiisuu;
- dandeettii rakkoo furuu gabbifachuufi
- miidhaawwan ofiinboonuu dhabuun fidu adda baasuudha.

# 1.1. Ofiinboonuu


## Gahumsa barachuu yoo xiqqaate goonfatamuu qaban

Xumura barannoo kanaatti:

- Maalummaa ofiinboonuu ni ibsita.
- Tooftaalee miirri ofiinboonuu ittiin gabbifatamu nitarreessita.

## Gaaffilee Hubannoo

1. Ati ofiin boontee beektaa? Maal maalfaa gootee ofitti boonte?
2. Miira ofiinboonuu akkamitti horanna?




Ofiinboonuun bakka namni tokko ofiif kennuudha. Kunis ofkabajuurraa eegala. Ofiinboonuun hojii kenname tokko ofitti amanaamummaafi gahumsaan xumuruudha. Fakkeenyaaf hojii manaa, abbaltii, battalee, qormaata ofdandeessee sirriitti ofiin hojjechuun ibsama. Kunis ilaalchaafi amantaa gaarii ofiif akka qabaattuufi dandeettii keetti akka boontu sigaargaara.

## Qor-dhimma

*Beekaan barataa kutaa 4ffaa ti. Yeroo isaa heddu kitaaba dubbisuun dabarsa. Yeroo boqonnaa isaa immoo kubbaa miilaa taphata. Kanas wayitii qayyabatuufi taphatu sagantaa qopheeffatee qaba. Barataa cimaa waan ta'eef, barnoota isaa xiyyeeffannoon hordoofa. Hojii manaas yeroon hojjetee xumura. Hojii isaaf kenname kamiyyuu hojjechuuf dandeettiin qaba jedhee amana. Hiriyyootni isaas, hojii manaafi abbaltii ofdanda'anii akka hojjetan gorsa. Hanna qormaataa baay'ee balaaleeffata. Yeroon qormaataa akkuma dhiyaateen ofqopheessuu jalqaba. Guyyaa qormaatni kennamus tasgabbaa'ee hojjechuun qabxii gaarii galmeessa. Xumra barnootaarrattis cimee waan hojjeteef qabxii gaarii galmeessuu isaaf baay'ee gammadee ofiinboone.*



Fakkii 1.1Baratoonni ofiin boonan cimanii baratu

## Gocha 1.1

Qor-dhimma asiin olitti dubbifte irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Beekaan yeroo qormaataa maaliif tasgabbaa'aafi gammadaa ta'uu danda'e?
2. Seenessa gabaabaa kanarraa maal baraatte?
3. Ati barataa cimaadha jettee of yaaddaa?

# 1.2. Amaloota Namoota Ofiinboonanii

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate goonfatamuu qaban**

Xumura barannoo kanaatti:

- Amaloota ofiinboonuu nitarreessita,
- Amaloota ofiinboonuu ni'argisiifta.

## Gaaffii hubannoo

- Amalootni ofiinboonuu maal fa'i?

Seenaa Biiftuufi Caalaa kana dubbisuun gaaffilee itti aananiif deebii kenni.

Biiftuufi Caalaan mana barumsaatti hiriyyoota yoo ta'an, muuxannoofi dandeetti adda adda qabu. Biiftuun hojiilee hawaasummaa keessatti muuxannoo gaarii qabdi. Kunis: maatii, hiriyootaafi hawaasa mana barumsaa ishee waliin dammaqinaan hirmaatti. Kanaafuu Biiftuun namoota waliin walitti dhufeenya gaarii qabaachuun beekamti. Caalaan immoo, muuxannoofi gahumsa adda addaa qaba. Milkaa'inaafi kufaatii yeroo adda

addaa isa mudaturraa waan haaraa barata. Inni nama dandeetti rakkoo dandamachuu qabuufi kaayyoo isaa fiixaan baasudha. Hojii barnootaa hunda miira ofdanda'uu, ofitti amanamummaafi tasgabbiin hojjeta. Kun immoo milkaa'ina isa gonfachiiseera.

## Gocha 1.2

1. Biiftuufi Caalaan dandeettii walfakkaataa qabuu?
2. Biiftuufi Caalaan amaloota ofiinboonuu akkamii qabu?

Ofiin boonuun amaloota adda addaa qaba. Isaan keessaa kanneen ijoo ta'an: ofdanda'uu, ofitti amanamummaafi ofto'achuudha.

### 1. Ofdanda'uu

## Gaaffiiwwan hubannoo

1. Ofdanda'uun maali?
2. Hirkatummaa yookiin ofdanda'uu dhabuun maali?

Ofdanda'uun dandeettii hojii tokko namoota biroo irratti osoo hinhirkatiin hojjechuufi rakkoo ofii ofumaa furachuuti.

**Qor-dhimma**

*Caaltuun barattuu cimtuu kutaa $4^{ffaa}$ti. Hojii manaa yeroon hojjetti. Gosa barnootaa hunda xiyyeeffannoon qayyabatti. Beekumsa dabalataa argachuuf kitaabilee adda addaa dubbifti. Waan isheef hingalle barsiisotaafi hiriyyoota ishee gaafatti. Kana malees, qormaataaf dursitee qayyabatti. Kun immoo yeroo qormaata qoramuuf seentu tasgabbiifi ofitti amanamummaa akka qabaattu ishee taasiseera. Kanaafuu, Caaltuun ofdandeessee qormaata hojjechuun, qabxii gaarii galmeessiti.*



Fakkii 1.2. Barattoonni ofiinboonan si'aayinaan hirmaatu

## Gocha 1.3

Gaaffiiwwan armaan gadii deebisi

1. Caaltuun dandeettii qabaachuu isheetti ni'amantii?
2. Namni ofitti amanu amala ofdanda'aa qaba. (Dhugaa/Soba)
3. Caaltuun waan isheef hingalle, hiriyyoota ishee gaafachuun hirkattummaadha./Dhugaa/soba
4. Faayidaa ofdanda'uu lama tarreessi.

## 2. Ofitti Amanamummaa

### Gaaffii hubannoo

Ati ofitti amantee maal maalfaa hojjettee beekta?

Ofitti amanamummaan hojii tokko raawwachuuf dandeettii gahaa qabaachuu ofiitti amanuudha. Kunis, gahumsa ofii beekuufi kaka'umsa hojii cimaa qabaachuu irraa madda. Barataan ofitti amanu xiyyeeffannaan daree keessatti nihirmaata; hojii manaafi garee ciminaan hojjeta.  Akkasumas, karoora qayyabannoo mataa ofii baafachuun qo'ata. Ofitti amanamummaa qabaachuun hojii tokko hojjechuuf bu'uuradha. Kanaafuu, barattoota keenyaaf duubdeebii qajeelaafi deeggarsa gochuun akka ofitti amanamummmaa isaanii guddifatan gargaara. Namoonni ofitti amanamummaa qaban rakkoolee muudaachuu danda'aniif dursanii ofqopheessu; carraalee argatanitti fayyadamu; dogoggorri yoo uumamellee itti-gaafatamummaa fudhachuufi haala ulfaataa keessatti haala mijataa uumuun hojii hojjetu. Kanneen kana godhan amala nama ofittiamanamummaa qabaniiti."Ija jabeessa irraa sirbi hinfokkisu," jedha Oromoon. Ofitti amanamummaa qabaannaan sodaa malee waa hojjechuufi isa hojjennus fiixaan baasuu dandeenya.

## Toltuufi Obboleessa ishee

Toltuun barattuu kutaa 4ffaati. Gosoota barnootaa hundaaayyuu qabxii gadaanaa galmeessiti. Daree barnootaa keessatti amaloota akka: saalfachuu, sodaachuufi dhiphachuu agarsiifti. Obboleessi ishee, Leencoon immoo qabxii isheen galmeessitu kanatti baay'ee aara. Kanaafuu, cimtee akka barattuufi milkooftu yeroo hunda ishee gorsa. Maatiin ishees hojii manatti ishee ko'oomsu irraa bilisa taasiisuun; meeshaalee barnootaa barbaachisan guutuun cimtee akka barattu jajjabeessu. Isheenis, gorsa maatii dhagahuun barnoota ishee cimtee barachuufi hojii manaa yeroon hojjechuu itti fufte. Kana malees karooraan qayyabachuufi beekumsa dabalataa argachuuf kitaabilee wabii adda addaa dubbisuu eegalte. Wantoota itti'ulfaatanis obboleessa ishee, barsiisotaafi hiriyoota daree gaafachaa suuta suutaan dandeettii ishee fooyyessuun qabxii gaarii galmeessite. Leencoon, "Yeroo hundumaa gargaarsi koo sibarbaachisa" isheen jedha ture. Isheen garuu "Lakki yeroo ati na gorsaa turte sidhaggeeffadheera. Amma gargaarsa hinbarbaadu; anuu hojjechuu nandanda'a" jette. Toltuunis, xumura barnootaatti qabxii ishee fooyyeffattee daree ishee keessatti 2ffaa bahuun badhaafamte. Innis ofitti amanamummaa obboleettii isaa kanatti baay'ee gammade. Badhaasas bitee kenneefi.



Fakkii 1.3. Barattoonni ofiinboonan amanamummaa qabaatu

## Gocha 1.4

1) Seenaa Toltuufi Leencoo irraa maal hubatte?
2) Amaloota barataa suuteyyii asiin gadii irratti mari'achuun dareef ibsaa!

   a) saalfii b) sodaa c) dhiphina

3) Toltuun haala kamiin ofitti amanamummaa gabbifatte?
4) Ofitti amanuun barnootaaf barbaachisummaa akkamii qaba?
5) Ofitti amanamummaa kee fooyyessuuf maal maalfaa gochuun qaba jettee yaadda?

## 3. Ofto'achuu

### Gaaffiilee hubannoo

1. Miira kee to'adhu gaafa jedhamu dhageessee beektaa?
2. Namni miira ofii ofto'atu maal maalfaa raawwata?

Mammaaksota armaan gadii kanarraa maal hubatte?

- "Beela mitii; quufayyuu nandand'a" jedhe abbaan Jifaar.
- "Kan Waaqni itti tole; dubbii hintolu"
- "Quufaan sanbata hinbeeku"

Ofto'achuun wantoota nama miidhuu danda'u irraa ofdhorkuu yookiin ofqusachuudha. Fakkeenyaaf, yeroo hiriyoota kee waliin taphattu, dubbii dubbattuun akka isaan hinmiine of to'achuu qabda. Kanaafuu, dandeettii ofto'achuu qabaachuun barbaachisaadha.

**Seenessoo gabaabaa kana dubbisuun qayyabadhu:**

Guyyaa tokko barattoonni mana barnootaatii ba'anii gara mana ofiitti deemaa turan. Barattoonni kun waliin haasa'aa osoo deemanii namichi tokko dhufee itti dabalame. Namichis barattoota sossobuun bakka tapha kubbaa miilaa itti ilaaltan isin geessa na waliin deemtuu? jedhee gaafate. Haata'u malee, barattoonni waliin deemuu diduun gara mana isaaniitti galan. Namichis hattuu ture. Poolisiin boodarra namicha yakkamaa waggoota dheeraaf daa'imman dadabarsaa ture ta'uu hubachuun to'annoo jala oolche.



Fakkii 1.4. Barattoonni ofiinbooan tasgabbii miiraa qabaatu

## Gocha: 1.5

1. Seenaa armaan olii kanarraa maal baratte?
2. Dhiibbaa namoota biroo irraa dhufu ofirraa ittisuufi ofto'achuuf maal gochuu qabda?

# 1.3. Akkaataa ofiinboonuu itti gabbifatan

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate goonfatamuu qaban**

Xumura barannoo kanaatti:

- Akkaataa amaloota ofiin boonuu gabbifatan nihimta.
- Amaloota ofiin boonuu ni`argisiifta.

## Gaaffiilee hubannoo

Akkaataa ofiinboonuu kee itti gabbifachuu dandeessu tarreessi?

Wantootni ofiinboonuu nama tokkoo gabbisuuf gargaaran kanneen asiin gadiiti. Isaanis:

- dandeettii qabdu hubachuufi dinqisiifachuu;
- Ofitti amanamummaatiin sodaa malee haasa'uu;
- Miira nandanda'a jedhuun hojjechuu;
- namoota yaada gaarii qaban waliin dabarsuufi
- hiriyoota eenyummaa kee kabajan qabaachuudha.

### Marii Garee

Yaadoleen asii olii ofiin boonuu nama tokkoo fooyyessuuf akkamitti akka gargaaran irratti mari'adhaa.

## 1.4. Faayidaalee Ofiinboonuu

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate goonfatamuu qabu**

Xumura barannoo kanaatti:

- Barbaachisummaa ofiinboonuu nidinqisiifatta.

### Gaaffilee hubannoo

- Ofiinboonuun milkaa'ina barnootaa keessatti gahee inni qabu tarreessi.

Ofiinboonuun faayidaalee asiin gadii qaba:

- Ofiif yaaduufi miira gaarii qabaachuu
- Ofitti amanamummaafi miira ofkabajuu horachuu
- Ciminaafi hanqina ofiitti amanuu -
- Waan gaarii yaaduu nama dandeessisa. -

# 1.5. Dandeettiiwwan Rakkoo Dandamachuu

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate goonfatamuu qaban**

Xumura barannoo kanaatti:

- Dandeettiiwwan rakkoo dandamachuuf gargaaran nigoonfatta,
- Dandeettii rakkoo dandamachuu horatta.

Gaaffiilee hubannoo

1. Rakkoon si muudatee beekaa? Maal maalfaa rakkattee beekta?
2. Rakkoo jireenyaa kee keessatti simudaatu akkamiin dandamattaa?

Jireenya ilma namaa keessatti rakkoo hedduutu jira. Namoonni tokko tokko ofitti amanamummaan rakkoo isaan mudatu yoo injifatan; kaan immoo rakkichaan mo'amu. Rakkoon yeroo tokko tokko carraa guddinaa ta'uu danda'a. Sababni isaas, rakkoon dandeettii haala qabatamaa jiru hubachuu akka dagaagfannu nugargaara. Sirnaan itti fayyadamnaan, dandeettii rakkoolee simuudatan injifachuu qabda. Akkaataa rakkoo dhuunfaa ofii furuuf nugargaaruu danda'an keessaa kanneen asiin gadii qalbeeffachuun barbaachisaadha Isaanis:

- Haala qabatamaa naannoo jiru sakatta'uu;
- Qabeenya jiru beekuu;
- Dandeettii ofii beekuufi tarkaanfii fudhachudha.

# Dorgommii Qocaawwanii

Bara durii jedhan; qocaawwan hedduu waldorgommiidhaaf dhiyaatan. Dorgommiin isaanii ammoo tulluu guddaa fiigichaan waldursanii bahuu ture. Tulluu guddaa tokko bahanii marga lalisaa tullicha irra/gubbaa jiru nyaachuudha. Qocaaleen kunniinis dorgommii isaanii jalqabanii walakkaa tulluu irra yemmuu gahan namoonni itti iyyan. "Deebi'aa tabba kana bahuu hindandeessani; gaggabdanii dhumtu; tabba gubbaa yoo geessanis wanti haaraan homaatuu hinjiru," jedhaniin.

Achumaan qocawwan baay'een tabbicha walakkaa gahanii yaada namootaa kanaan abdii kutanii ofduubatti deebi'an. Qocaan tokko garuu caldhisee fiigicha isaa itti fufuun dadhabbii guddaa booda gaara gubbaa gahe. Tabba gubbaatti bahuun marga lalistuu argate. Marga sanas kophaa isaa dheeduu itti fufe.

Sana booda, allaattiin tokko dhufee qocaa kanaan "yeroo hiriyoonni kee hundi sibiraa duubatti deebi'an ati akkamitti onnattee tabba guddaa kana bahuu dandeesse?" jedhee deddeebi'ee gaafatus qocaan deebii kennuufii dide.

Dhumarraatti qocichi rakkoo dhageettii waan qabuufi waan allaattichi jedhaa jiru akka gurraan hindhageenye mallattoon itti hime. Waan hindhageenyeef jechi namootaa haamilee nama cabsu duubatti isa hindeebifne. Qocaan kun dhageettii dhabuun milkaa`ina isaatiif carraa ta`eef. Kunis rakkooleen yeroo tokko tokko milkaa`inaatiif carraa nita`a. Kaayyoo qabannee kaane tokko irraa jette jetteen deebi`uun sirrii miti.

## Gocha 1.6

1. Qocaawwan dorgommicha addaan kutan ofitti boonoodha. (Dhugaa/Soba)
2. Qocaa dorgommicha injifate gurri isaa dhaga'uu dhabuun carraa milkaa`inaa ta`eeraaf jettee

   yaaddaa? Akkamiin?
3. Seenessoo kanarraa maal barattee?

# 1.6. Dhiibbaawwan Ofiinboonuu Dhabuu

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate goonfatamuu qaban**

Xumura barannoo kanaatti:

- Dhiibbaawwan ofiinboonuu dhabuun dhufu ibsita.
- Amaloota nama ofiinboonuu hinqabnee adda baasta.

## Gaaffii hubannoo

- Namni ofiin hinboonne maal maal gochuu hindanda'u?

Namoonni ofiin hinboonne amaloota armaan gadii qabu.

Isaanis:

- Ofitti amantaa dhabuu;
- Akka mo'amaa ta'anitti ofilaaluu;
- Dogoggora ofii fudhachuu diduu;
- Nandogoggora jechuun sodaachuun callisuu;
- Fedhii barnootaa dhabuu;
- Ilaalcha kana gochuu hindanda'u jedhu qabaachuu fa`i.

## Gocha 1.7

Amaloonni asiin olitti tarreeffaman kunneen dhiibbaa akkamii nama tokkorraan geessisuu akka danda'an waliin mari'achuun barattoota daree keessaniif ibsaa.

## Gudunfaa

Ofiinboonuun bakka namni tokko ofiif kennuudha. Innis ofkabajuu irraa eegala. Ofiinboonuun hojii kenname tokko ofitti'amanaamummaafi gahumsaan xumuruudha. Fakkeenyaaf hojii manaa, abbaltii, battalee, qormaata ofdanda'anii hojjechuun ibsama. Kunis ilaalchaafi amantaa gaarii ofii akka qabaannuufi dandeettii keenyatti akka boonnu nugargaara. Ofiin boonuun dandeetti waa'ee ofii yaaduufi miira gaarii qabaachuuti. Ofiin boonuun amaloota adda addaa kan qabu ta'us, kanneen ijoo ta'an ofdanda'uu, ofitti amanamummaa qabaachuufi ofto'achuudha.

## Hiika Jechootaa

**Ofiinboonuu-** Miira gaarii ofiif qabaachuufi dandeettii ofiitti'amanuudha.

**Ofdanda'uu-** Ofta'anii hojii tokko hojjechuufi rakkoo ofii ofumaa furachuuti.

**Ofitti'amanuu-** Ga'umsaafi kutannoo hojii tokko raawwachuuf qabnudha.

**Rakkoo-** haalota namni tokko akka kaayyoo isaa bira hingeenye dangan.

**Of to'achuu-** Gochoota aadmalee ta'an raawwachuu irraa ofdhorkuudha.

## Gaaffilee keessa deebii

**Kutaa I: Himoota yaada sirrii qabatan "dhugaa" kan dogoggora ta'an ammoo "soba" jechuun deebisi.**

1. Ofiinboonuun miira gaarii ofiif qabaachuufi dandeettii ofiitti'amanuu qabaachuudha.
2. Namoonniofdanda'anilleenamootabiroowaliinwaldeeggaruun nijiraata.
3. Nama tokko gargaaruun akka of hindandeenye waan taasiisuuf tasumaa gaarii miti.

**Kutaa II: Jecha yookiin gaalee Roga"B" jala jiruufi ibsa sirrii roga "A" jala jiru waliin walitti firoomsi.**

| A | B |
|---|---|
| 1. Wantoota nuhingammachiisne hojjechurraa ofqusachuu | A. Ofitti amanuu |
| 2. Dandeettii ofiitti amanuun hojjechuu | B. Hirkattummaa |
| 3. Dhiibbaa namoota birootiin murtoo kennuu. | C. Ofidanda'uu |
| 4. Dandeettii ofiirratti hundaa'uu | D. Ofto'achuu |

## Kutaa III: Qubee Deebii Sirrii Qabate Filadhuu Barreessi

1. Kanneen keessaa kamtu ofdanda'uummaa akka gabbifannu gargaara?

   A. Ol'aantummaa ofii mirkaneeffachuu

   B. Amala ofdanda'uu

   C. Gargaarsa namoota biroorraa barbaaduu

   D. Gahumsa akka hinqabne amanuu

2. Kanneen asiin gadii keessaa mallattoo ofitti amanamummaa gadi aanaa kan agarsiisu kami?

   A. Nama waan galmaan gahe tokkotti quufu

   B. Nama yeroo isaa harka caalu kophaa dabarsu

   C. Nama dandeettii qaba jedhee amanu

   D. Nama yeroo hunda kufaatii ofii beeku

3. Amala namoota ofitti amanamummaa qabanii kan hintaane kam?

   A. Yaadaafi qeeqa namoota biroo fudhachuu

   B. Yaada haaraa qabaachuu

   C. Yaada namoota biroo amanamummaan dhaggeeffachuu

   D. Gowwoomsuu

4. Hirkattummaa ilaalchisee kanneen asiin gadii keessaa kamtu dhugaadha?

   A. Jireenyi hirkattummaa kabaja namaaf kenna

   B. Hirkattummaan miira gad aantummaa namatti fida

   C. Hirkatummaan meeshaa guddina hawaasummaafi dinagdeeti

   D. Hirkatummaa qaama waltumsuuti

5. Kanneen asiin gadii keessaa mul'istuu ofitti amanamummaa kan hintaane kami?

   A. Ofitti amanamummaa

   B. Ofto'achuu

   C. Ofdanda'uu

   D. Oftuffachuu

# BOQONNAA 2

# Mirgoota Namummaa

## Seensa

Boqonnaa darbe keessatti waa`ee ofiinboonuu barattee jirta. Boqonnaa kana keessatti ammoo maalummaa mirga namummaa, barbaachisummaa mirga namummaa kabajuu, mirgaafi dirqama namummaa, kabaja namummaa, mirga daa`immanii, mirga dubartootaafi mirga qaama miidhamtootaa baratta.

**Bu'aalee barachuu boqonnaa kanaa:**

- yaad-rimee mirga namummaa ibsuu,
- barbaachisummaa kabaja mirga namummaa ibsuu,
- hariiroo mirgaafi dirqamaa gidduu jiru adda baasuu,
- kabaja namummaaf iddoo kennuu,
- mirga daa'immanii, dubartootaafi qaama miidhamtootaa ibsuu,
- amala mirga namummaa kabajuu agarsiisuu.

## 2.1 Mirgoota Namummaa

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate goonfatamuu qaban**

Xumura barannoo kanaatti:

- mirga namummaa ni` ibsita.
- fakkeenyota mirga namummaa nihimta.

### Gaaffii hubannoo

- Mirgi namummaa maali?

### Gocha 2.1

1. Namni mirga maal maal faa'a qaba?
2. Yoo xiqqaate fakkeenyota mirga namummaa sadii tarreessi.




Fakkii 2.1. Mirgoota namummaa

Mirgi namummaa mirga bu'uuraa ta`ee namni kamiyyuu sababa dhala namaa ta`eef qofa kan qabudha. Mirga namummaa ulaagaan isaa nama ta`uu qofaadha. Namni kamiyyuu sanyii, koorniyaa, amantii, gosa, sabummaa, ilaalcha siyaasaafi kkf malee mirga kana niqabaata. Mirgoonni namummaa kan akka mirga lubbuun jiraachuu, walqixxummaa, nageenyaa, yaada ofii ibsachuu, mirga barnoota argachuufi kan kana fakkaatan ta`uu ni danda`u. Mirgoota namummaa sarbuun akka safuu Oromoottis ta`e, akka seeraatti aad-maleedha.

## Gocha 2.2.

Bakka duwwaa guuti.

- Mirga namummaa ulaagaan isaa __________ ta`uu qofaadha.

## 2.2. Barbaachisummaa Kabaja Mirgoota Namummaa

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate goonfatamuu qaban**

Xumura barannoo kanaatti:

- Barbaachisummaa mirga namummaa kabajuu nitarreessita
- Barbaachisummaa kabajamuu mirga namummaaf bakka nikennita.

## Gaaffilee hubannoo;

1. Mirga namummaa kabajuun hawaasaaf maal gumaacha?
2. Mirga namoota biroo kabajuufi namoonni biroo mirga kee akka kabajan eeguu gidduu walitti dhufeenyi jiraa?
3. Mooraa mana barumsaa kee keessattis ta'e kutaa keessatti barbaachisummaa mirga namummaa kabajuu ibsi.

Ilmi namaa hundi mirga bilisummaafi ulfina namummaan dhalata. Mirga uumamaan qabu kana karaa seeraan eegumsa taasisuufiin barbaachisaadha. Barbaachisummaan mirgoota namummaa kana kabajuu:

- waldanda`anii jiraachuuf,
- hojii milkaa`inaan raawwachuuf,
- hawaasa cunqursaa irraa bilisa ta'e uumuuf,
- yaada ofii bilisaan ibsachuuf,
- barnoota argachuuf,
- bilisummaan socho`uuf fi
- miidhaa irraa bilisa ta`uuf gargaara.

## Gocha 2.3

**Himoota yaada sirrii qaban "Dhugaa" kan sirrii hintaane immoo "Soba" jechuun deebisi.**

1. Mirgi namummaa bilisummaa yaada ofii ibsachuun nagaan jiraachuu nuuf kenna.
2. Ilmi namaa hundi bilisa, ulfinaafi mirga wal qixaatiin dhalata.
3. Nagaan akkaa jiraatuuf, mirga namummaa kabajuun murteessaadha.
4. Mirgi namummaa kabajamuun hawaasa miidhaa irraa bilisa ta`e horachuf gargaara.

# 2.3. Mirgaafi Dirqama Namummaa

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate goonfatamuu qaban**

Xumura barannoo kanaatti:

- Mirgaafi dirqama dhala namaa waldorgomsiifta.
- Mirgaafi dirqama namummaa ni`tarreessita.
- Walitti dhufeenya mirgaafi dirqamaa ni ibsita.

## Gaaffilee Hubannoo

1. Mirgiifi dirqamni walitti dhufeenya akkamii qabu?
2. Namoonni dirqama isaanii otuu hinba`iin mirga isaanii qofa yoo gaafatan maaltu uumamuu danda`a?

Mirgiifi dirqamni walfaana deemu. Lamaanuu walitti hidhatoodha. Namni tokko yeroo mirga ofiitti fayyadamu mirga namoota biroo kabajuuf dirqama qaba. Fakkeenyaaf, namni tokko mirga bilisummaan yaada ibsachuu yeroo fayyadamu, mirga namoota biroo kabajuu qaba. Bilisummaa yaada ibsachuutti fayyadamuun nama arrabsuu hindanda'u. Nama arrabsuun safuufi seera cabsuudha. Mootummaan mirgoota kana eegsisuuf dirqama qaba. Armaan gaditti mirgootaafi dirqamoonni ati qabaachuu qabdu ibsamanii jiru.

**Mirga:**

- Mirga nagaan jiraachuu
- Mirga gaaffii gaafachuu
- Mirga nyaata argachuufi
- Mirga barachuu fa`i ta`uu nidanda`u.

**Dirqama:**

- •Haadhaafi abbaa kabajuu
- •Angafootaafi maanguddoota kabajuu
- •Barsiisaa kabajuu
- • seeraafi qajeelfama mana barumsaa kabajuu
- • Jechoota dubbachuun qaanii ta`e lagachuu
- •Ollaa ofii kabaju
- • Maatii kee akka umuriifi dandeettii keetti gargaaruu.
- • Wantoota miidhaa geesisan raawwachuu irraa ofqusachuu.
- • Naannoo qulqulleessuu
- •Hojii manaafi qormaata daree ofdanda`anii hojjechuufi kkf fa`i.

Mirgaafi dirqamni addaan hinba`an. Dirqama kee yoo baate mirga keetti fayyadamta. Dirqama kee yoo hinbaane, mirga kee dhabuu dandeessa. Fakkeenyaaf, yoo waan maatiin si ajajan raawwatte, hiriyyoota kee waliin akka taphattu siif eyyamu; balfaa qe'ee keessaa dhabamsiisuun naannoo qulqulluu akka jiraattu sitaasisa.

## Gocha: 2.4

Mirgaafi dirqamni maaliif walirraa addaan hinbahan jedhame?



Fakkii 2.2: Barattoonni daree barnootaa qulqulleessuu qabu

## Gocha 2.5

**Gabatee siikenname keessatti mirgaafi dirqama adda baasuun guuti.**

| Lakk | Mirga | Dirqama |
|---|---|---|
| 1 | Taphachuu | Seeraafi qajeelfama mana barumsaa eeguu |
| 2 | | |
| 3 | | |
| 4 | | |
| 5 | | |

## 2.4. Kabaja Namummaa

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate goonfatamuu qaban**

Xumura barannoo kanaatti:

- Kabaja namummaa ni`ibsita.
- Namummaaf ulfina nikennita.
- Gochoota mirga dhala namaa sarban nibalaaleffatta.

### Gaaffilee Hubannoo

1. Kabajni namummaa maali?
2. Hiriyyootakee daree barnootaa keessatti nikabajjaa?



Fakkii 2.3: Kabaja namummaa (Manguddoota kunuunsuu)

Kabajni namummaa ofiifis ta`e namoota biroof ulfina kennuudha. Akkuma kabaja barbaannu nama kabajuun barbaachisaadha. Oromoon, "Barcuma ulfinaa abbaatu ofjalaan eega" jedhee makmaaka. Kunis yoo namootaaf ulfina kennine namoonni ulfina akka nuukennan argisiisa. Kanaafuu maatii, hiriyootaafi ollaa kee yoo kabajje isaan biratti kabaja argatta. Gochoonni aad-malee kabaja namummaa sarban kanneen akka arrabsoo, loogii, tuffii, yakka, waraanaafi saamicha humna namaa fa`i.

Kanneen asiin gadii karaalee kabajaafi ulfina namootaaf kenninu keessaa muraasa isaaniiti:

- Kabaja namummaatiif beekamtii kennuu;
- Jireenya dhala namaatiif gara laafummaa qabaachuu;
- Yaada namootaa dhaggeeffachuufi jajjabeessuu
- Gumaacha namootaatiif beekamtii kennuu fi kan kana fakkaatan.



## Gocha 2.6

**Bakka duwwaa guuti.**

1. ______________ beekamtii ilmi namaa kamiyyuu qabaachuu qabudha.
2. Gochoota kabaja namummaa sarban tarreessi. ____________________, ______________________, ______________________, _________________________ .

# 2.5. Kabaja Mirga Daa'immanii

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate goonfatamuu qaban**

Xumura barannoo kanaatti:

- Mirgoota daa`immanii nitarreessita
- Mirgoota akka daa`imaatti qabdu hojiirra ni`oolchita.

**Gaaffiiwwan hubannoo**

1. Mirgoota addaa daa`imman qabaachuu danda'an tarreessi
2. Ati akka daa`imaatti mirga akkamiiti qabda?

Akka seera maatii Itoophiyaatti, namni umriin waggaa 18 gadi daa'ima jedhama. Daa`imman akka daa`imaatti mirgi isaan qaban nijira. Mirgoonni daa`immanii garaagarummaa koorniyaa, sanyii, afaan, umrii, ykn amantii malee mirga daa`imman hundi qabanidha.

Daa`imni kamuu mirgoota armaan gadii niqabaatu:

- kunuunsaafi tajaajila fayyaa argachuu,
- barnoota bu'uuraa bilisaan argachuu,
- kunuunsa gaariin guddachuu,
- yeroo waraanaa eegumsa addaa qabaachuu,
- hojii humnaa olii irraa bilisa ta`uu,
- bilisaan taphachuu,
- warra wajjin jiraachuuf mirga qabu.



Fakkii 2.4: Daa'imman mirga taphachuu qabu

## Gocha 2.7

1. Faayidaan mirga daa'immanii kabajuu maali?
2. Hawaasa keessa jiraattu keessatti mirga daa'immanii kabajuun akkamiin hojii irra oola?

# 2.6. Kabaja Mirga Dubartootaa

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate goonfatamuu qaban**

Xumura barannoo kanaatti:

- Mirga dubartootaa nitarreessita.
- Mirga dubartootaa nikabajja.

## Gaaffilee Hubannoo;

1. Yaada dubartoonni akkuma dhiirotaa hojii kamiyyuu, bakka kamittuu hojjechuu danda'u jedhu irratti walii galtaa?
2. Fakkeenyota mirga dubartootaa tarreessi?

Akka aadaa Oromootti dubartiin wayyuudha. Mirga dubartootaa kabajuun aadaa gaarii hawaasa keenya keessaa isa tokkodha. Kanaaf mirga dubartootaa sarbuun aadmaleedha. Walqixxummaa koorniyaatti amanuufi kabajuun barbaachisaadha. Lammiin kamiyyuu loogii koorniyaa irratti qabsaa'uu waan qabuuf walqixxummaa dubartootaafi dhiiraa fudhachuufi deeggaruun irraa eegama.

Mirgi dubartootaa kabajamuun jireenya maatiif, guddina dinagdeefi nageenyaaf barbaachisaadha. Mirga dubartootaa beekuufi kabajuu jechuun mirga obboleettiifi harmee ofii beekuufi kabajuu jechuudha.





Fakkii 2.5: Dubartoonni dhiirotaan qixxa mirga qabu

## Gocha 2.8

1. Mirgoota bu'uuraa dubartootaa tarreessi.
2. Eenyuutu miidhaa koornayaa irratti qabsaa`uu qaba?

# 2.7. Kabaja Mirga Qaama Miidhamtootaa

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate goonfatamuu qaban**

Xumura barannoo kanaatti:

- Mirga qaama miidhamtootaa nitarreessita.
- Mirga qaama miidhamtootaa nikabajja.

## Gaaffilee Hubannaa:

1. Miidhama qaamaa jechuun maal jechuudha?
2. Haalota qaama miidhamummaaf nama saaxilan ibsi.



Fakkii 2.6: Qaama miidhamtoonni mirga barachuu qabu

Miidhamni qaamaa haala yeroo dheeraatiif sochii qaamaa, dandeettii qaamaa, ciminaafi si`aayina nama tokkoo irratti miidhaa qaqqabudha. Namoonni qaama miidhamtoota ta'an mirga namoonni kaan qaban kamiiyyuu niqabu. Qaama miidhamtoonni ulfina guutuufi mirga barnoota barachuu niqabu.

Kanaaf qaama miidhamtoonni maatii, mootummaa, hawaasafi dhaabbilee gargaarsa namummaa irraa deeggarsa argachuu qabu. Meeshaalee adda addaa kan akka Bireelii, wiilchariifi kanneen biroo argachuu qabu. Gamoowwan, meeshaaleen, oomishaaleen, bu'uuraaleen misoomaa, teeknooloojiiwwanfi tajaajiloonni hundi haala qaama miidhamtootaaf mijataa ta'een qophaa'uu qabu. Tajaajilli gabaafi naannoo hojii adda addaa qaama miidhamtootaaf carraa kan kennu, banaa, hunda hammataafi mijataa ta'uu qaba.

Namni tokko dhalootaan yookiin dhalootaan booda sababa adda addaa kan akka balaa, dhukkuba adda addaatiin, dogoggora yaalii fayyaatiinfi kkf qaama miidhamaa ta`uu danda`a.

## Gocha 2.9

- Mirgoota qaama miidhamtootaa tarreessi?

**Qor-dhimma**

Lookoon rakkoo dhageettii waan qabduuf daree keessatti hirmaachuuf nirakkatti. Barsiisonni ishees kana ilaalcha keessa galchuun fuuldura daree bakka qajeelfama barsiisaa dhaga'uu dandeessu akka teessu ishee jajjabeessu. Kana malees, manni barumsichaa meeshaalee dubbisaa adda addaa ishee deeggara. Akkasumas, hiriyyoonni ishee kutaa keessa jiran jaalalaafi kabaja isheef kennu. Sababa kanaan Lookoon milkooftee qabxii olaanaa galmeessite.

## Gocha 2.10

1. Milkaa'ina Lookoo irraa maal hubatte?
2. Lookoof deeggarsa gosa akkamiitu taasifamaaf?
3. Namoonni akkamitti caalaatti Lookoo gargaaruu danda'u?

## Gudunfaa

Mirgoonni namummaa, namni nama ta'uu isaatiin qofa uumamaan kan qabudha. Mirgaafi dirqamni kan addaan hin baanedha. Mirga yeroo kaafnu dirqamaafi gahees dagachuu hinqabnu. Kanaaf, namni tokko yommuu mirga isaatti fayyadamu mirga nama biraa sarbuu hin qabu. Kabajamuun mirga namummaa namoonni nagaan akka jiraatan kan taasisudha. Isaan kabajuu jechuun gochaalee haqa dhabeessa ta`an ykn cunqursaa hambisuu jechuudha. Mirgi qaama miidhamtootaa, mirgi daa'immaniifi mirgi dubartootaa hawaasa keessatti kabajamuu qaba. Qaama miidhamummaan taatee nama kamiyyuu mudachuu danda`udha. Taateen kun uumamaanis ta'e dhalootaan booda nama qunnamuu danda`a.

## Hiika Jechootaa

**Mirga-** Mirgi waan namni tokko argachuu qabuufi eegumsa seeraa qabudha.

**Mirgoonni namummaa-** mirga dhala namaa hundaaf namummaa isaaniitiin qofa kennamuudha.

**Miidhama qaamaa-** haala yeroo dheeraatiif sochii qaamaa, dandeettii qaamaa, ciminafi si`aayina nama tokkoo irratti miidhaa qaqqabudha.

**Kabaja-** ofiifi namoota biroof ulfina kennuudha.

## Gaaffilee Keessa deebii

### Kutaa I. Hima sirrii ta'e "Dhugaa" kan sirrii hintaane immoo "Soba" jechuun barreessi.

1. Mirgi waan namni tokko karaa seeraanis ta`e safuutiin qabuufi raawwatudha.
2. Mirgaafi dirqamni kan waliin deemanidha.
3. Ijoolleen mirga qabaniin cinaatti dirqama tokko tokko niqabaatu.
4. Namni hundi mirga dubbachuu niqabaata.
5. Namoonni hundi umamaan mirga wal qixa qabu.

### Kutaa II. Tokkoon tokkoon gaaffilee armaan gadiitiif, filannoowwan kennaman keessaa deebii sirrii filadhu.

1. Kanneen asiin gadii keessaa gosa deeggarsaa nama qaama miidhamaa ta`eef kennamu kan hintaane kami?

    A. Jaalalaafi kunuunsa

    B. Maqaa balleessiifi loogii

    C. Deeggarsa meeshaalee barnootaa

    D. Mirga walqixxummaa isaanii kabajuu

2. ____________ilmi namaa ulfina namummaa akka qabu beekamtii kennuudha.

A. Kabaja dhala namaa

B. Mirga dubartootaa

C. Miidhama qaamaa

D. Mirga daa`immanii

3. Gochi mirgoota bu'uuraafi kabaja dubartootaa irratti dhiibbaa geessisu kami?

A. Fuudhaafi heeruma

B. Hojii hawaasummaa irratti bobba'uu

C. Hojii dhiiraa hojjechuu

D. Dubartii kettaanuu

4. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu miidhama qaamaa fiduu hindanda`u?

A. Dhukkuba

B. Hanqina nyaataa

C. Waldhabdeefi waraana

D. Daa'imman qaama miidhamtoota ta'an waliin taphachuu

5. Kanneen armaan gadii keessaa tokko mirga dubartootaa jalatti kan hinramadamne kami?

A. Mirga lafa qabaachuu

B. Mirga mana jireenyaa

C. Mirga qabeenyaa

D. Mirga namoota biroo irratti ol'aantummaa qabaachuu

## Kutaa III. Bakka duwwaa guuti.

1. Kan namni tokko umamaan qabuufi seeraan eegamuufii qabu___________________________.
2. _____________bu'aa ta`e argachuuf gahee ta`e tokko bahuu agarsiisa.

## Kutaa IV. Tokkoon tokkoon gaaffilee armaan gadiitiif deebii gabaabaa kenni.

1. Qaama miidhamtoonni hawaasa keessatti deeggarsa akkamiiti isaan barbaachisa?
2. Mana barumsaa keessan keessatti barattoonni qaama miidhamtoota ta'an yoo jiraatan deeggarsa akkamii argachuu qabu?

# BOQONNAA 3

# Nagaa

## Seensa

Boqonnaa lama keessatti waa`ee mirga namummaa barattee jirta. Boqonnaa kana keessatti`ammoo maalummaa nageenyaa, barbaachisummaa nageenyaa, karaalee nageenyi itti mirkanaa`ufi rakkoo nageenya dhabuun dhufuu danda`an nibaratta.

## Bu'aalee barachuu boqonnaa kanaa

- maalummaa nagaa ibsuu;
- barbaachisummaa nageenyaaf bakka kennuu;
- tooftaalee walitti bu`insa karaa nagaan furuu dinqisiifachuu;
- dandeettii walitti bu'iinsa karaa nagaan furuu agarsiisuu,
- Miidhaa nageenyi dhabamuun dhufuu danda`an adda baasuu.

# 3.1. Nagaa

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu**

Xumura barannoo kanaatti:

- maalummaa nagaa nihimta.

## Gaaffii Hubannoo

- Nagaan maali?

Nagaan jeequmsaafi waldhabdee dhuunfaa yookiin garee irraa bilisa ta'uun waldanda'anii jaalalaan jiraachuudha. Akkasumas, Waaqaa-lafa yookiin uumaa-uumama wajjiin nagaa ta'uudha. Nageenyi jaalalaafi waldanda'uun waliin jiraachuudha. Karaa biraatiin waljibbinsaafi jeequmsa hambisuun waliin jiraachuudha.

## Gocha 3.1

1. Nageenyi haala baruu barsiisuu bu`aa qabeessa taasisuu keessatti gumaacha akkamii qaba?
2. Nagaan yoo hinjiraanne maaltu uumamuu danda`a?

**Seenessa asiin gadii dubbisuun gaaffilee itti aanan deebisi.**

Sooressaan barataa kutaa afraffaati. Guyyaa tokko marii hawaasaa naannoo irratti akka hirmaatee haasawaa taasisuuf filatame. Innis, marii sana irratti otuu hinhirmaatiin dura barsiisotaafi hiriyoota isaaf haasawaa taasise. Kunis, dandeettii dubbachuusaa fooyyessuufi dhaggeeffattoota irraa yaada argachuuf ture. Matadureen haasawa sanaa `Nageenya` kan jedhudha. Yeroo inni haasawa taasisu namoonni shan ga'umsa

inni haasawa irratti qabu madaalanii yaada akka kennaniif ramadamaniiru. Haasaan isaas akka asii gadiitti dhiyaateera.


"Kabajamtoota barsiisotaafi jaallatamtoota hiriyyoota koo mataduree `Nageenya` jedhu irratti haasawa sadarkaa naannootti gaggeeffamu irratti dorgomuuf kaayyeffadheen jira. Ammas waa`ee kanaan dubbachuu barbaada.

Yeroo ammaa kana waa`een "nageenyaa" akka addunyaatti dhimma xiyyeeffannoo guddaan kennameefi jirudha. Nageenyi lubbu-qabeeyyii hundaaf barbaachisaadha. Nageenyi gammachuu qabaachuufi waangaarii yaaduudha. Akkasumas obsa, waldanda'uun, ittiquufinsaafi yaada nama gargaaruu qabaachuun wantoota nageenya keessoo fiduuf gargaaranidha. Nageenyi waan nama biraa irraa barbaannee yookiin gaafannee argannu otuu hintaane waa`ee keenya irratti hundaa`uun kan argamudha.

Nageenya addunyaa babal`isuufi eegsisuuf nageenyi keessoo ofii murteessaadha. Kana malees, nageenyi sadarkaa maatiittis barbaachisaadha. Nageenyi sammuu namaatiif gammachuu argamsiisa. Akkasumas, gammachuunis sammuu namaatiif nageenya argamsiisa.

Nageenyi sadarkaa hawaasattis barbaachisaadha. Yeroo nageenyi dhabametti jireenya keenya keessatti rakkoon adda adda numudatee argineerra. Kanaaf nageenya mirkaneessuuf carraaqqii taasisuu qabna. Wantoota nagaa gufachiisaniifi gara jeequmsaatti nama geessan kamirraayyuu ofqusachuu qabna. Walumaagalatti, nageenyi nama dhuunfaa, hawaasaafi biyyaaf barbaachisaadha.

Galatoomaa!



Fakkii 3.1. Barattoonni nageenyaa isaanii irratti mari'atu

# 3.2 Barbaachisummaa Nageenyaa

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qaban**

Xumura barannoo kanaatti:

- barbaachisummaa nageenyaa nitarreessita;
- barbaachisummaa nageenyaa nidinqisiifatta.

## Gaaffilee hubannoo

1. Faayidaalee nageenyaa keessaa sadii tarreessi.
2. Nagaan yoohinjiraanne maaltu uumamuu danda`a? Sadarkaa nama dhuunfaa, maatii, hawaasafi biyyaatti ilaalcha keessa galchuun ibsi.

Nageenyi guddina nama dhuunfaafi hawaasaatiif isa bu`uuraati. Hawaasa keessatti tasgabbiifi guddina ittifufiinsa qabu fiduuf haaldureedha. Kunis olaantummaan seeraa akka jiraatu taasisuun waldanda`uufi walittidhufeenya hawaasaa jajjabeessa. Akkasumas, sadarkaa maatiifi nama dhuunfaatti guddina hawaas-dinagdee eeguuf gargaara. Nageenyi adda addummaa hammachuufi namoota gidduutti waldanda`uun akka jiraatu taasisuun jireenya nama dhuunfaas ta`e kan hawaasaa akka dagaagu godha.

## 3.3.Karaalee Nageenyi Itti Dagaagu

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu**

Xumura barannoo kanaatti:

- Karaalee nageenyi ittidagaagu adda nibaafatta.

### Gocha 3.2

1. Nagaan jiraachuun haala baruu-barsiisuu mana barumsaafi daree barnootaa akkamitti deeggaruu danda`a?
2. Nagaan akkamitti hawaasa walitti hidhuuf gargaara?

### Maaatiifi hawaasa keessatti Nageenya Gabbisuu

### Gaaffii hubannoo

Tooftaalee mana barumsaafi hawaasa keessatti nageenya gabbifachuu danda`amu irratti garee keessaniin mari`adhaatii barattoota daree keessaniif dhiyeessaa.

Nageenyi bu'uura guddina maatiifi hawaasa tokkoo waan ta`eef sadarkaa adda addaatti cimsuufi gabbisuun barbaachisaadha. Nageenya hawaasaa dagaagsuuf namootni dhuunfaafi mootummaan tooftaalee adda addaa hojiirra oolchuu qabu. Isaanis: haqa hawaasaa eeguu, eegumsa mirga namummaa, wal danda'uu, marii, waldhabdee hiikuufi waldeeggaruudha.

Maatiin tokko guddinaafi gammachuu nama dhuunfaaf akkasumas walitti hidhamiinsaafi guddina hawaasaatiif bu'uura. Maatiin akka qaama hawaasaatti, amala gaarummaa kan akka jaalala, tokkummaa, garalaafina, haqa, kabajaafi amanamummaa qabaachuun nageenya dagaagsuuf murteessaadha. Atis akka miseensa maatii tokkootti dhimmoota kana maatii keessatti shaakaluu qabda.



Fakkii 3.2: Nageenyi qooda fudhannaa akkasii barbaada

# Tooftaalee nageenya maatii gabbisan:

## 1. WalKabajuu

Miseensonni maatii mana keessatti karaa nagaafi waldanda'uutiin waliin jiraachuu qabu. Maatii keessatti wantoota kabaja maatii tuqan hambisuun barbaachisaadha. Maatii tokko keessa safuun walkabajuu jiraachuun maatiin sun miira gammachuufi bashannanaa akka qabaatu taasisa. Kanaaf, haadhaafi abbaa, maatiifi ijoollee, angafaafi quxusuu gidduutti walkabajuun jiraachuu qaba.



Fakkii 3.3: Maatiin kabajaan walkunuunsa

## 2. Walmorkii hambisuu

Ijoolleen hedduun waldorgomuu jaallatu. Atis akka ijoolleetti waldorgommii nijaallatta ta`a. Waldorgommii keessatti gosa

dorgommii keetiifi bu`aa isaa beekuun barbaachisaadha. Dorgommiin morkii ofkeessaa qabu waldhabdeefi walittibu`insa maatiitiif sababa ta`uu nidanda`a. Sababa kanaaf maatii keessatti miira dorgommii morkii ofkeessaa qabu hambisuun, haala miseensi maatii tokko isa biraa ittideeggaru uumuun amanamummaafi jaalala horachuuf gargaara.

## 3. Qunnamtii gaarii qabaachuu

Maatii, hiriyootaafi ollaakee waliin yeroo haasoftu haala tasgabbii qabuun ta`uu qaba. Kun immoo maatii keessatti miira nageenyaafi waldanda'uu uumuuf gargaara.

### Gocha 3.3

1. Tooftaalee maatiifi hawaasa keessatti nageenya dagaagsuuf gargaaran tarreessi.
2. Nageenya dagaagsuu keessatti gaheen warraa maali?

## 3.4. Waldhabdee Karaa Nagaan Hiikuu

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qaban:**

Xumura barannoo kanaatti:

- maalummaa waldhabdee hiikuu nihimta;
- tooftaalee waldhabdee karaa nagaan hiikuu nitarreessita.

### Gaaffii hubannoo:

- Waldhabdee hiikuu jechuun maal jechuudha?

Waldhabdee karaa nagaan furuun walitti bu`iinsa namoota dhuunfaa yookiin garee lamaafi isaa ol gidduutti uumamuu danda'uuf karaa nagaatiin furmaata itti kennuudha. Waldhabdeen namoota dhuunfaa yookiin garee gidduutti uumamuu danda`u kun dhimmoota hawaasummaa, dinagdee yookiin dhimma siyaasaan walqabachuu danda`a. Gochaaleen jeequmsaa hojii baruu- barsiisuu kan jeeqan yoo ta'u, sodaan jeequmsaa ammoo barattoonnifi barsiisonni hojii barachuufi barsiisuu irratti xiyyeeffatanii akka hinhojjenne gufuu ta`uu danda`a. Atis akka nama tokkootti dandeettiiwwan akka:

- waldhabdee karaa nagaan hiikuu,
- maddaafi miidhaa waldhabdee adda baasuu,
- mana barumsaafi hawaasa keessatti yaada waldeeggarsaafi walkabajuu jajjabeessuufi
- muuxannoo jireenya guyya guyyaa keessatti sababoota waldhabdee hubachuun irraa ofeeguuf ittigaafatamummaa qabda.

Hawaasni keenya aadaa waldhabdee karaa nagaan furuu niqaba. Tooftaan ittiin waldhabdee hiikuu beekamaan hawaasa keenyaa tokko jaarsummaadha.

## Seenessa asiin gadii dubbisuun gaaffilee ittiaanan deebisi

Ganda Guddannee keessa Hara tokkotu ture. Harri kun qurxummii baay'ee qabaachuun beekama. Hawaasni naannoo kanaatis qurxummii hara kana keessaaa qabachuun nyaataaf ittifayyadamu turan. Gaaftokko dargaggoonni Biqilaafi Guddataa jedhaman qurxummii kiyyeessuuf gara haraa kanaa deeman. Lamaan isaaniiyyuu qarqara haraa taa'anii qurxummii kiyyeessuuf eeguu turan. Osuma eegaa jiranii tasa qurxummii guddaa tokko arganii Biqilaan dursee kiyyeesse. Isa booda qurxummii qabame irratti wal loluu jalqaban. Kanumaan falmii guddaan isaanii lamaan gidduutti uumame.

Sanabooda, osoma walfalmaa gara qe'ee deemanii jaarsa tokkotti dhufan. Jaarsi kunis sababa waldhabdee isaanii gaafate. Isaaniis qurxummii qabatan irratti akka waldhaban ittihiman. Jaarsichis isaan ajaa'ibsiifate. Qurxummii sana bakka lamatti qooddanii addaan fudhachuu yookiin bakka tokkotti bilcheessitanii waliin nyaachuu osoo dandeessanii hiriyootni kanarratti waldhabuun fafa jedhee gorse. Biqilaafi Guddataanis gorsa jaarsichaa erga dhagahanii booda dogoggora isaanii baran. Hiriyoonni lamaanis dhimmoota xixiqqoo akkasii irratti waldhabuu isaaniitti gaabban.

Dhumarratti, Biqilaafi Guddataan hiriyoota isaanii biroo waliin ta'uun qurxummicha sana bakka tokkotti bilcheessanii waliin nyaachuuf murteessan. Murtee isaanii kanas niraawwatan. Yeroo sanaa kaasee hiriyoota lamaan gidduutti waldhabdeen uumamee hinbeeku. Biqilaafi Guddataanis michuu gaarii ta'anii hafan.

## Gocha 3.4

**Seenessa asiin olii irratti hundaa`uun gaaffilee kennaman deebisi.**

1. Biqilaafi Guddataan dhuma irratti maal murteessan?
2. Sababni waldhabdee Biqilaafi Guddataa maal ture?
3. Abbummaa qurxummii ilaalchisee waldhabdeen akkamiin hiikame?
4. Duudhaaleen safuu seenessa kana keessatti ibsaman maali fa`i?

## Jaarsumma


### Gaaffii hubannoo

Jaarsummaan maali?

Tooftaalee hawaasni keenya walitti bu`insa namoota gidduutti uumamu furuuf ittifayydamu keessaa tokko Jaarsummaadha. Jaarsummaan tooftaa nageenya buusuu yoota`u as keesatti maanguddoonni, hangafootaafi namoonni hawaasa keessatti fudhatama qaban adeemsa nagaa buusuu hojiirra oolchuu keessatti gahee olaanaa taphatu.

Jaarsoliin namoota araara keessatti hirmaataniifi hawaasa biratti fudhatama qabanidha. Namoonni kunis dandeettii waldhabdee hiikuu qabu jedhamee amanama. Jaarsoliin namoota waldhaban araarsan, qaamolee waldhaban lamaaniin filatamu. Jaarsoliin kunis seera aadaa naannoo isaanii irratti hundaa'uun waldhabdee furu. Adeemsi jaarsummaan walittibu`insa furuu

kun duudhaafi seera hawaasaa irratti kan hundaa`e waan ta`eef qaama miidhameef haqa deebisuu keessatti gahee guddaa qaba. Jaarsummaan maqaalee akka Jaarsa biyyaa, Jaarsa araaraafi kan kana fakkaataniinis niwaamama.



Fakkii 3.4: Waldhabdee jaarsummaan hiikuu

## Gocha 3.5

### Gaaffilee armaan gadii deebisi.

1. Waldhabdee hawaasa tokko keessatti uumamu furuu keessatti gaheen Jaarsa biyyaa maali?
2. Adeemsa waldhabdee nagaan furuu keessatti jaarsi biyyaa eenyuun filatama?
3. Namoota naannoo keetti jaarsummaa irratti hirmaachuun beekaman shan tarreessi.

4. Waldhabdeen naannoo keetti akkamitti furmaata argata?
5. Nagaa eeguuf wantoota mana barumsaafi daree kee keessatti raawwachuu qabdu barreessi.

## 3.5. Miidhaa Dhabamuun Nageenyaa fidu

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate goonfatamuu qaban**

Xumura barannoo kanaatti:

- Miidhaa dhabamuun nageenyaa fidu nitarreessita.

### Gaaffii Hubannoo

- Miidhaawwan sababa waldhabdeen dhufan maal fa`i?

Nageenyi dhabamuun guddina hawaas-dinagdee biyya tokkoo irratti miidhaa qaba. Waldhabdeen gara gochaatti yoo jijjiiramu rakkoo hedduu fiduu danda'a. Fakkeenyaaf, miidhama qaamaafi lubbuun darbuu, buqqa'iinsa ummataa, daa'imman waraana irratti hirmaachuufi dhibeewwan babal`achuu ta`uu danda`u. Akkasumas omisha qonnaa, Industirii, daldalaafi bu`uura misoomaa irra miidhaan nigaha. Kana malees, rakkoowwan hawaasummaa, miidhaa naannoo irra gahu, baasiin waraanaaf oolu dabaluufi jeequmsi mana barumsaafi maatii keessatti babal`achuun sababa dhabamuu nageenyaatiin mudachuu danda`anidha.

# Guduunfaa

Nagaan waldhabdeen jiraachuu dhabuufi sodaafi jeequmsa namoota dhuunfaa ykn garee gidduu jiru irraa bilisa ta'uudha. Guddina waliigalaa biyyaafis ta`e nama dhuunfaatiif nagaan barbaachisaa dha. Tooftaalee adda addaatti fayyadamuun hawaasa keessatti nageenya eeggachuufi dagaagsuun nidanda'ama. Nagaan waldhabdee namoota dhuunfaa ykn garee gidduutti uumamuu danda'uuf furmaata argachuuf gargaara. Bakka nageenyi hinjirretti guddinni hawaas-dinagdee biyya tokko keessa hin- jiraatu.

## Hiika Jechootaa

- **Nageenyi-** waldhabdeefi jeequmsa irraa bilisa ta'uudha.
- **Waldhabdee-** walitti bu`insa namoota dhuunfaa ykn garee lama gidduutti uumamu danda`uu agarsiisa.
- **Loogii-** itti yaadanii gocha haqa- dhabeessa raawwachuufi nama tokko ykn garee tokko haqa nama biraatiin fayyaduudha.
- **Walqixxummaa-** adeemsa haqa-qabeessa faayidaa qooddachuu ykn namoota haala walfakkaatuun ilaaluuti.

## Gaaffilee Keessa Deebii

**Kutaa I: Hima sirrii ta'e "Dhugaa" sirrii kanhintaane immoo "Soba" jechuun barreessi.**

1. Nageenya buusuun ittigaafatamummaa mootummaa qofaadha.
2. Hawaasa keessatti nagaa eeguuf namni kamiyyuu itti-gaafatamummaa qaba.
3. Nageenya eegsisuun daa'immaniifi dargaggoonni barnoota isaaniitti bu'a-qabeessa akka ta`an isaan gargaara.
4. Mirga namummaa kabajuufi wal-danda'uun nageenyi hawaasa keessatti akka jiraatu nitaasisa.

**Kutaa II: Gaaffilee asiin gadiitiif, filannoowwan kennaman keessaa deebii sirrii filadhu.**

1. Nagaan eenyuuf barbaachisa?
   A. nama dhuunfaa
   B. maatii
   C. hawaasa  D. hundaaf
2. Walitti bu'iinsa hiikuun itti-gaafatamummaa eenyuuti?
   A. jaarsolii
   B. mootummaa
   C. abbootii amantii
   D. miseensota hawaasaa hunda

3. Tooftaalee asiin gadii keessaa kamtu nagaa maatii mirkaneessuuf fayyada?

   A. dorgommii hinbarbaachifne

   B. waldeeggarsa dhabamsiisuu

   C. haasaa hinbarbaachifne

   D. walkabajuu jajjabeessuu

4. Kanneen asiin gadii keessaa tokko nageenyi dhabamuu irraa kan dhufudha.

   A. guddina diinagdee

   B. tasgabbii hawaasaa

   C. buqqa'iinsa ummataa

   D. omishitummaan qonnaa guddachuu

## Kutaa III: Gaaffilee asiin gadii deebisi.

1. Dandeettiiwwan bu'uuraa waldhabdee furuuf gargaaran maal fa`i?
2. Tooftaaleen nagaa maatii keessatti dagaagsuuf gargaaran maal fa`i?

# BOQONNAA 4

## Naamusa Jireenya Hawaasummaa Keesstti

### Seensa

Boqonnaa sadaffaa keessatti waa`ee nagaa barattee jirta. Boqonnaa kana keessatti immoo hiika namusaafi barbaachisummaa namuusni jireenya hawaasummaa keessatti qabu baratta. Akkasumas, yeroo boqonnaa ofiitti sirnaan fayyadamuufi wantoota sochiiwwan hawaasaa keessatti aadaafi aadmalee ta'an adda baafatta. Kana malees, naamusa daandii tiraafikaatiif barbaachisaa ta'aniifi qajeeltoowwan naamuusa nibaratta.

**Bu'aalee barachuu boqonnaa kana**

- hiika naamusaa ibsuu;
- barbaachisummaa naamusni jireenya hawaasummaa keessatti qabu addeessuu;
- akkaataa yeroo boqonnaatti sirnaan fayyadaman ibsuu;
- wantoota sochiiwwan hawaasaa keessatti aadaafi aadmalee ta'an adda baasuu;
- naamusa daandii tiraafikaatiif barbaachisoo ta'an adda baasuu;
- qajeeltoowwan naamusaa tajaajiloota hawaasaa keessatti barbaachisoo ta'aniif iddoo kennuu.

# 4.1. Maalummaa Naamusaa

## Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qaban

Xumura barannoo kanaatti:

- Maalummaa naamusaa ni` ibsita;
- Naamusa daree barnootaa keessatti barbaachisan nitarreessita.

Naamusni gocha hawaasa tokko keessatti gaariifi badaa ta'e kan agarsiisudha. Akkasumas, gochi tokko gaarii yookiin badaa ta'uunsaa kan ittiin safaramuudha. Gochaalee gaariin duudhaawwan hawaasa tokko biratti fudhatama qaban kan calaqqisiisan yoo ta'u gochaalee badaan immoo kan hawaasa biratti fudhatama hinqabneefi jibbamaniidha. Namni tokko gocha hawaasa biratti fudhatama qabu yoo raawwate, nama naamusa gaarii qabu jedhama. Gocha hawaasa biratti fudhatama hinqabne yoo ta'e immoo akka naamusa dhabeessatti ilaalama.

## Gocha 4.1

1. Naamusni maali ?
2. Manaafi mana barumsaa keessatti gochaalee akkamii akka raawwattu sirraa eegama?
3. Mana barumsaa keessatti naamusa qabaachuun maal sifayyada?
4. Gahee maatiin ijoollee amala gaarii gonfachiisuu keessatti qabu maatiikee gaafachuun hiriyoota daree keetiif ibsi.



Fakkii 4.1:Barattoonni naamusa gaarii qabaachuu qabu

Ijoollee naamusaan guddisuun ittigaafatamummaa maatiifi guddistootaati. Manneen barnootaas akka barattoonni naamusa gaarii dagaagfachaa barataniif ittigaafatamummaa maatiin walgitu qabu. Manneen barnootaa lammiilee naamusa gaarii qaban horachuuf kallattii sirrii agarsiisuu qabu. Barattoonni mana barumsaa keessatti kallattii adda addaatiin naamusa gaarii mul'isuutu irraa eegama. Fakkeenyaaf,

- Naamusa dareefi dambii mana barumsaa kabajuu.
- Qabeenya dareefi mana barumsaa badii irraa eeguufi kunuunsuu.
- Qulqullina dareefi miidhagina mana barumsaa eeguu.
- Hawaasa mana barumsaa kabajuu.

- Hanna balaaleffachuufi saaxiluu.
- Namaaf ulfina kennuu.
- Dhugaa dubbachuufi kanneen kana fakkaatanidha.

**Daree barnootaa keenya keessatti:**

- Nuti tokkummaa qabna;
- Nuti qajeelota;
- Nuti walkabajna;
- Nuti amanamoodha;
- Nuti waljajjabeessina;
- Nuti waldhaggeeffanna;
- Nuti  jabaannee hojjenna;
- Nuti waan dandeenyu hunda goona;
- Nuti hundi barbaachisoodha.

## Gabatee Seerota daree barnootaa

## Gocha 4.2

Gabatee asiin gadii yaadannoo kee irratti garagalchuun gochootni/amaloonni tarreeffaman amala gaarii yookiin amala badaa ta'uu isaa mallattoo '√' kaa'uun agarsiisi. .

| T/L | Gochaalee/Amaloota | Amala gaarii | Amala badaa |
|---|---|---|---|
| 1 | Dambii ittiinbulmaataa daree barnootaa | | |
| 2 | Seera mana barumsaafi daree kabajuu | | |
| 3 | Mana barumsaa keessatti barattoota qaroo-dhabeeyyii ta'an gargaaruu | | |
| 4 | Namootaan waliigaluu dhabuu | | |
| 5 | Maatiifi manguddoota kabajuu | | |
| 6 | Kunuunsa naannoo keessatti hirmaachuu | | |
| 7 | Icciitii eeguu | | |
| 8 | Waan dhugaa dubbachuu | | |
| 9 | Soba dubbachuu | | |
| 10 | Hatuu | | |

# 4.2. Barbaachisummaa Naamusaa Jireenya Hawaasummaa Keessatti

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu**

Xumura barannoo kanaatti:

- Barbaachisummaa naamusni jireenya hawaasummaa keessatti qabu adda nibaafatta;
- Karaalee hojiiwwan naamusa gaarii ittiin mul'achuu danda'an nitarreessita.

Jireenya hawaasummaa keessatti naamusni barbaachisaadha. Faayidaawwan naamusa qabaachuu kanneen ta`an;

- namoota biratti fudhatamaafi kabaja argachuu,
- nama hunda walqixa ilaaluuf,
- hojiiwwan keessatti milkaa'uuf,
- dhiphina hir'isuufi
- jireenya hawaasaa fooyyessuufi kan kana fakkaataniif gargaara.

Kanamalees, naamusa qabaachuun hanna, saamicha, gowwoomsuufi namoota biroo miidhuu irraa akka ofqusatan nama taasisa. Keessattuu yeroo ammaa kana jireenya hawaasummaa, diinagdee ummataafi guddina biyyaa irratti miidhaa guddaa geessisaa kan jiru malaanmaltummaa irraa oftiksuuf safuufi amanamummaa qabaachuun murteessaadha. Barnoota keessattis, naamusa qabaachuun ofitti amanamummaafi ejjennookee cimsuun gara milkaa'ina barnootaa olaanaa ta'etti akka ceetu sitaasisa.



Fakkii 4.2: Barattoonni hojiiwwan hawaassummaa keessatti hirmaachuu qabu

## Gocha 4.3

Gabatee asiin gadii ilaaluun gochaalee sochii waliin jireenyaa keessatti gaarii yookiin badaa ta'an adda baasi. Gocha isa kamtu gaarii yookiin badaa akka ta'e mallattoo "✓" kanaan agarsiisi.

| T/l | Gochaalee/Amaloota | Amala gaarii | Amala badaa |
|---|---|---|---|
| 1 | Hawwiin qubeessaa ishee Milkeessoo waliin fayyadamti | | |
| 2 | Abdiin maatiifi ollaa isaatiif kabaja qaba | | |
| 3 | Boruun kitaaba Leensaa jalaa bade ture argee kenneef | | |
| 4 | Caaltuun dabaree ishee malee hiriyoota waliin taphachuu barbaaddi | | |
| 5 | Daraaraan saayikilii irraa kufnaan Olaanaan gargaare | | |
| 6 | Iftuun Obsee hojii gargaarte | | |

# 4.3. Yeroo Boqonnaatti Sirnaan Fayyadamuu

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qaban**

Xumura barannoo kanaatti:

- maalummaa yeroo boqonnaatti sirnaan fayyadamuu ibsita;
- barbaachisummaa yeroo boqonnaa sirnaan fayyadamuu adda baafatta.

Yeroon boqonnaa, yeroo hojii idilee irraa bilisa ta'uun haara kan ittigalfataniifi hojiiwwan biroo ittihojjetanidha. Yeroon kunis sammuu keenya hojiin dadhabe haaromsuufi hojiiwwan biroo hojjechuudhaaf barbaachisaadha.

Yeroo boqonnaa keenya kitaabota adda addaa dubbisuu, meeshaalee muuziqaa taphachuu, sochii ispoortii irratti hirmaachuufi iddoowwan seenaa qabeessa ta`an daawwachuun dabarsuu nidanda`ama. Kanaafuu, hundi keessan yeroo boqonnaa keessaniitti sirnaan fayyadamuu qabdu.

## Seenessa Simbirroo Halkanii



Durdur, bara beelaa tokkotu ture jedhama. Bara sana hongeen waan hammaateef simbirroonni waan nyaatan dhabanii rakkatan. Kana booda, simbirroonni hundinuu nama bira deemanii waan nyaatan liqaa fudhachuuf murteessan. Achumaan, abbaa qabeenyaa tokko bira dhaqanii waan nyaannu dhabnee gaafa rooba arganne qonnee facaafannee siif deebifna nyaata bara rakkoo kana nubaasu nuuliqeessi jedhaniin. Abbaa qabeenyaatis, gaafa ganni gale hundi keessanuu naaf deebisuu qabdu jedhee waan isaan barbaadan kenneef. Simbirroonnis tole nideebifna jedhanii waadaa galanii deeman.

Kana booda barri beelaa darbee roobni roobe. Simbirroonni hundinuu lafa qotanii facaafatanii midhaan baay'ee oomishatan. Sana booda simbirroonni hundinuu waan liqeeffatan sana abbaa qabeenyaatiif galchanii ofiifis olkaayyatan. Yeroo sanatti simbirri halkanii immoo ani dhoqqeefi rooba keessa deemee qonna hinqotu jettee osoo bashannantu yeroon roobaa jalaa dabre. Sababa kanaaf isheen qofti osoo liqaa fudhatte hinkafaliin hafte.

Abbaan qabeenyaa kuni, simbirri tuni maalif liqaa fudhatte naaf galchuu diddi? jedhee yeroo hunda simbirroota biroo gaafata. Namtichi kunis baay'ee gaddee simbirroo halkanii tana ajjeesuuf ittidhaadate.

Kana booda simbirri halkanii tuni namicha kana waan sodaattuuf, guyyaa, guyyaa tasumaa manaa bahuu dhiifte holqa keessa oolti. Halkan halkan qofa baatee waan nyaattu barbaadatti. Sababuma kanaaf simbirri tuni simbira halkanii taatee hafte jedhama.

## Gocha 4.4

1. Durdurii asiin olii kanarraa maal hubatte?
2. Akka durdurii kanaatti simbira halkaniifi simbirroota biroo keessaa eenyutu yeroo isaatti sirnaan fayyadame? Maaliif?
3. Garaagarummaa boqonnaafi hojii malee taa'uu gidduu jiru irratti mari'adhaa.

# 4.4 Gochaalee Aadaafi Aadmalee ta'an

## Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu

Xumura barannoo kanaatti:

- gochaalee jireenya hawaasummaa keessatti aadaafi aadmalee ta'an adda baafta;
- miidhaa wantoota aadmalee ta'an raawwachuun dhufuu danda'u ni` ibsita.

Jireenya hawaasummaa jechuun sochii adda addaa hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa gaggeeffachuuf taasisudha. Jireenya hawaasummaa keessatti wantoota aadaafi aad-malee ta'antu jiru. Gochaaleen aadaa ta`an wantoota jireenya hawaasaa keessatti fudhatama qaban yoota`u, gochaaleen aad- malee ta`an ammo jireenya hawaasaa keessatti kan fudhatama hinqabnedha.

Gochaalee aadaa ta'an keessaa muraasni kanneen asii gadiiti.

- Gorsa haadhaafi abbaa dhaggeeffachuu.
- Maatii ofii gargaaruu.
- Dabaree eeguun hiriyyoota waliin taphachuu.
- Manguddoota kabajuu
- Qulqullina dhuunfaa eeggachuuu.
- Hojii manaa sirnaafi xiyyeeffannoon hojjechuuu.
- Hojiirratti ejjennoo cimaa qabaachuu.
- Barsiisotaaf kabaja kennuu.
- Obbolummaa, ollummaafi michummaa cimsuu.
- Hawaasaafi biyya ofii jaallachuufi kan kana fakkaatan.

Gochaalee aadmalee ta'an keessaa muraasni kanneen asii gadiiti.

- Qormaata hatuu.
- Qabeenya barattoota biroo hatuu.
- Qabeenya mana barumsaa qisaasessuu.
- Sababa malee daree barnootarraa hafuu.
- Daree barnootaa keessatti jeequufi kan kana fakkaatan.

## Gocha 4.5


1. Naannoo keetti gochaalee aadaafi aadmalee ta'an maatii gaafachuun shan barreessuun dareef dhiyeessi.
2. Gochaalee gabatee asiin gadii keessatti dhiyaatan isa kamtu aadaa yookiin aad-malee akka ta'e mallattoo "✓" kaa'uun agarsiisi.

| T/l | Gocha | Aadaa | Aadmalee |
|---|---|---|---|
| 1 | Maatii, barsiisotaafi manguddoota kabajuu | ✓ | |
| 2 | Barfachuu | | ✓ |
| 3 | Sagantaan qo'achuu dhabuu | | |
| 4 | Nama rakkate waan danda'aniin gargaaruu | | |
| 5 | Qormaata walirraa garagalchuu | | |
| 6 | Angafaaf ajajamuu | | |
| 7 | Yeroo ofiitti sirnaan fayyadamuu | | |
| 8 | Nama gowwoomsuu/sobuu | | |
| 9 | Hiriyaan waldhabuu | | |
| 10 | Qabeenya mana barumsaa mancaasuu | | |

Gochaalee mana keessatti raawwachuun aadaafi aadmalee ta'an

Gochaalee asiin gadii mana keessatti hojiirra oolchuun aadaa yoo ta'u hojiirra oolchuu dhiisuun immoo aadmaleedha.

- Nyaata nyaachuun duraafi booda harka dhiqachuu;
- Tasgabbaa`anii nyaachuu
- Wantoota miidhaa geesisan irraa ofeeggachuu
- Hiriyoota waliin taphachuuf osoo hindeemin dura maatii eeyyama gaafachuu;
- Nyaata yeroo dheeraaf ture nyaachuu dhiisuu;
- Meeshaalee elektirikii tutuquufi ittiin taphachuu dhiisuu;
- Bakka ibiddaa irraa fagaachuu;
- Meeshaalee qara qaban kanneen akka haadduu, lilmoo, qottoofi kan biroo tuquu dhiisuu.



Fakkii 4.3: Gochaalee aad-malee miidhaa dhaqabsiisan

## Gochaalee naannoo ofiitti raawwachuun aadaafi aadmalee ta'an

Gochaalee asiin gadii naannoo ofiitti hojiirra oolchuun aadaa yoo ta'u hojiirra oolchuu dhiisuun immoo aadmaleedha.

- seerota kabajuu;
- gorsa dhaggeeffachuufi naamusa qabaachuu;
- wantoota summaa'oo miidhaa fidanirraa ofeeggachuu;
- Firii biqiltootaafi muduraa hinbeekne nyaachuu dhiisuu;
- Laga yookiin bishaan guutetti seenuu dhiisuu:
- Bineensota daandiirratti argan tuttuquu dhiisuu;
- Naannoo bishaan haroon jiruufi dhooqqee ta'anitti taphachuu dhiisuu;

- ☞ Gurra namaatti iyyuu dhiisuu;
- ☞ Wantoota qara qabaniin gurra hooqachuu dhiisuu

## Gochaalee daandii irratti raawwachuun aadaafi aadmalee ta'e

Gochaalee asiin gadii daandii irratti raawwachuun aadaa yoo ta'u hojiirra oolchuu dhiisuun immoo aadmaleedha.

- ☞ yeroo hunda ijaan ilaalaa qalbiin dhaggeeffataa deemuu;
- ☞ daandii konkolaataa irratti gonkumaa taphachuu dhiisuu;
- ☞ yeroo karaarra deeman daandii miilaa fayyadamuu;
- ☞ daandii qaxxaamuruun dura kallattii bitaafi mirga ilaallachuu;
- ☞ Yeroo laga ce`an riqicha fayyadamuu
- ☞ yemmuu daandii qaxxaamuran sarara zeebraa fayyadamuufi kanneen kana fakkaatan daandii irratti hojiirra oolchuun aadaa yoo ta'u, hojiirra oolchuu dhiisuun immoo aadmaleedha.

## Gochaalee mana barumsaatti raawwachuun aadaafi aadmalee ta'e


Gochaalee asiin gadii mana barumsaa keessatti raawwachuun aadaa yoo ta'u hojiirra oolchuu dhiisuun immoo aadmaleedha.

- ✍ seerota mana barumsaa hordofuun ;
- ✍ yeroo kabajuu;
- ✍ haasaa keessatti jechoota gaariitti fayyadamuu;
- ✍ naamusa uffannaa hordofuu;

- meeshaalee barnootaa kunuunsuu;
- barattoota birootiif ofeeggannoo gochuu;
- daree keessa waan adda adda darbachuu dhiisuu;
- Yeroo taphaa dabaree eeggachuu;
- obsa qabaachuufi kanneen kana fakkaatan fa`i.

## Obsaafi Soorettii

Obsaafi Soorettiin barattoota kutaa 4ffaati. Isaan lachuu obbolleeyyan yoo ta'an yeroo hunda ilkaan isaanii qulqulleeffatanii gara mana barumsaa deemu. Obsaan rigaa saamunaa fayyadamuu jaallata. Soorettiin immoo rigaa mukaatiin fayyadamuu jaalatti. Lamaan isaaniiyyuu rigaa mataa mataa isaanii qabu. Rigaa ilkaanii nama biroo wajjiinis hinfayyadaman. Akkasumas, ofii waljijjiiranii hinfayyadaman. Isaan lachuu rigaa jaallatan filatanii kopha kophaatti fayyadamu. Kanaaf, Obsaafi Soorettiin ilkaan qulqulluufi fayya-qabeessa ta'e qabu.



Fakkii 4.4:Qulqullina dhuunfaa eeggachuu

## Gocha 4.6

1. Obsaafi Soorettiin rigaa ilkaanii akkamii fayyadamu?
2. Obsaafi Soorettiin maaliif ilkaan isaanii yeroo yeroon qulqulleeffatu?
3. Rigaa ilkaan isaanii maaliif namoota biro waliin hin fayyadaman?

# 4.5. Nageenya Daandii Tiraafikaa

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

Xumura barannoo kanaatti:

- maalummaa nageenya daandii tiraafikaa nihimta;
- seerota daandii tiraafikaa hordofamuu qaban adda baafatta;

## Gaaffii hubannoo

- Naamusa daandii tiraafikaa eeguu dhabuun balaan uumamuu danda'u maal fa'i jettee yaadda?



Fakkii 4.5: Seerota tiraafikaa kabajuu

Jabana kana wantoota jireenya namootaatti yaaddoo ta'aa dhufan keessaa tokko balaa tiraafikaati. Balaan tiraafikaa haala garaagaraatiin uumama.

Tokkoffaa, konkolaataafi konkolaataan walitti bu'uun balaan ni'uumama. Balaan haala kanaan uumamu cimaa yookaan salphaa ta'uu nidanda'a. Lammaffaa, konkolaataan namatti bu'uun balaan ga'uu nidanda'a. Balaan ga'us salphaa yookaan kan lubbuu gaaga'u ta'uu nidanda'a. Sadaffaa, konkolaataan horiifi manatti bu'uun balaa cimaa yookiin salphaa ta'e geessisuu danda'a.

Balaa tiraafikaa yeroo yerootti uumamu kana to'achuun nidanda'ama. Kana gochuuf namni hunduu kallattii isaatiin xiyyeeffannoo kennuun gahee irraa eeggamu ba'uu qaba. Namoonni lafoo daandii konkolaataarra qaxxaamuran seera tiraafikaa baruufi eeggachuu qabu.

Namoonni yeroo daandii konkolaataa irra qaxxaamuran bitaafi mirga ofii ilaallachuudha. Kunis, akka saffisa konkolaataa dhufaa jiru tilmaammatan taasisa. Haala kanaan saffisa deemsa miilaa ofiis to'achuun daandii qaxxaamuruu danda'u.

Daandii gubbaa dhaabbatanii odeessuufi nagaa walgaafachuurraas ofeeguudha. Dabalataan, namoonni yeroo horii oofanii daandii qaxxaamuran ofeeggannoon ta'uu qaba.

Balaa tiraafikaa to'achuuf, konkolaachiftoonni leenjii ogummaa konkolaachisummaa ga'aa fudhachuun dirqama. Leenjii ogummaa ga'aa osoo hinfudhatiin konkolaachisuun to'atamuu qaba.



Fakkii 4.6. Konkolaachistoonni ofeeggannaan konkolaachisuu qabu

Balaa tiraafikaan qabeenyi nimanca'a. Qabeenyi dhuunfaas ta'e, qabeenyi biyyaaf fayyadu manca'uu danda'a. Kanaaf balaan tiraafikaa akka laayyootti ilaalamuu hinqabu.

Walumaagalatti, balaan tiraafikaa dhimma yaaddessaa taa'aa dhufedha. Balaa tiraafikaa salphisuufis, namni kamiyyuu ga'ee isarraa eeggamu bahachuu qaba. Qaamni to'annoo balaa tiraafikaarratti bobba'ee jirus, barumsaafi hubannoo balaa tiraafikaa namootaaf kennuun barbaachisaadha.

Seerota nageenya daandii tiraafikaa hordofamuu qaban keessaa muraasni:

- daandii konkolaatarra taphachuu yookiin fiiguu dhiisuu;
- daandii qaxxaamuruun dura bitaafi mirga ilaallachuu;

- yeroo daandii qaxxaamurru sarara zeebraa qofa fayyadamuu;
- yemmuu karaarra deemnu daandii miilaa qofa fayyadamuu;
- bakka eyyamameen alatti daandii qaxxaamuruuf yaaluu dhiisuu;
- daandii qaxxaamuraa osoo jirru nama yookiin bilbila dubbisuu dhiisuu;
- gonkumaa marfata irratti qaxxaamuruuf yaaluu dhiisuu;
- yeroo saayikilii oofnu nageenya saayikilichaa mirkaneeffachuu;
- yeroo konkolaataa irraa buunu hanga konkolaatichi sirnaan dhaabatutti eeguu; akkasumas suuta gadi bu'uufi kanneen kana fakkaatanidha.

## Gocha 4.7

1. Daandii konkolaataa qaxxaamuruun dura maal gochuu qabna?
2. Yeroo konkolaataa irraa buunu adeemsa akkamii hordofuu qabna?
3. Balaa tiraafikaatiin rakkoon uumamu enyuun miidha?
4. Balaa tiraafikaa salphisuun ga'ee eenyuuti?

# 4.6. Qajeeltoowwan Naamusaa Tajaajila Hawaasummaa Keessatti

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu**

Xumura barannoo kanaatti:

- qajeeltoowwan naamusaa tajaajila hawaasummaa keessatti barbaachisaa ta'an adda baafatta.

## Gaafilee hubannoo

1. Tajaajila hawaasummaa keessatti qajeeltoowwan naamusaa akkamiitu hojiirra ooluu danda'u?
2. Faayidaawwan qajeeltoowwan naamusaa tajaajila hawaasummaa keessatti qaban maal fa'i?



Fakkii 4.7: Manguddootaafi qaama miidhamtoota jaalalaan tajaajiluu

Tajaajila hawaasummaa keessatti qajeeltoowwan naamusaa baay'ee barbaachisoodha. Qajeeltoowwan naamusaa tajaajila hawaasummaa keessatti barbaachisan kanneen akka namoota waliin hariiroo gaarii qabaachuu, mirga namummaa kabajuu, haqummaa qabaachuu, icciitii eeguu, namaaf yaaduu, eeyyamamaa ta'uu, ofkennuufi gahumsan tajaajiluu fa'idha. Tajaajilli hawaasummaa qajeeltoowwan naamusaa kanneeniin hindeggaramne ergamni isaa guutuu ta'uu hindanda'u.

Tajaajila hawaasummaa kanneen jedhaman immoo humnaafi beekumsa qabaniin nama rakkate gargaruu, naannoo qulqulleessuufi miidhagsuu, manguddotaaf dursa kennuu, daree barnootaa qulqulleessuufi daree barnootaan alatti gumiiwwan adda addaa keessatti hirmaachuu, kitaabota daa'immaniif arjoomuu, meeshaalee mana barumsaa miidhaafi badiisa irraa eeguufi kanneen kana fakkaatanidha.

| |
|---|
| Ani, ______________________ ofii kootiif eenyu akkan ta'uu barbaadu amanamummaan waadaan gala. Mana barumsaa keessa turuufi wantootan beekuu qabu akkan baradhu, addunyaan kun daa'imman akka kootiif bakka gaarii itti guddatan akka taatu gochuuf waadaan gala. Abjuu koo dhugoomsuuf waanan ta'uu danda'u hunda akkan ta'uuf waadaan gala. Akkan danda'u nan beeka; kanaaf waadaa seena! |

# Gudunfaa

Naamusni safartuu gochoota gaariifi badaati. Dhimmoonni naamusaa kabajamuu qaban akkuma jiran dhimmoonni naamusaan ala raawwataman hedduunis hawaasa keessa nijiru. Kanaaf, wantoota aadaafi aad-malee ta`an adda baafnee hubachuun barbaachisadha. Seera kabajuun, gorsa faayidaa qabu dhaggeeffachuufi naamusa qabaachuun fayya-qabeessa namataasisa. Amala gaarii qabaachuun balaa adda addaa irraa akka baraaramnu yemmuu nugargaaru, amala badaan immoo balaa adda addaf nama saaxila.

## Hiika Jechootaa

- **Gocha aadaa:** gochaalee raawwachuun eeyyamamaa ta'e.
- **Gocha aad-malee:** gochaalee raawwachuun dhorkaa ta'e.
- **Naamusa:** amala namummaa, akkaataa namni ittiyaadu, waa madaaluufi gochaalee gaariifi amala badaa adda baasee safaru.
- **Sirrummaa:** akkaataa gaarummaa barbaadameen yaaduu, socho'uufi raawwachuu

## Gaaffilee keessa deebii Boqonnaa

### I. Himaa sirrii ta'eef "Dhugaa" kan dogoggora ta'eef "Soba" jechuun barreessi.

1. Naamusni gocha waliin jireenya namootaatiif barbaachisaa ta'edha.
2. Gochaalee aad-malee ta'e keessaa tokko qormaata hiriyaa irra hatuu yookiin garagalfachuuf yaaluudha.
3. Icciitii eeguun safartuu gocha amanamummaafi amala naamusa-qabeessummaati.
4. Qajeeltoowwan naamusaa tajaajila hawaasummaa keessatti baay'ee barbaachisoodha.

### II. Jechoota yookiin gaaleewwan roga "B" jalatti tarreeffaman ibsa sirrii "A" jalatti kennaman wajjiin walitti froomsi.

| A | B |
|---|---|
| 1. Wanta saaxilamuu hinqabne | A. Wantoota aadaa ta'an |
| 2. Gochaalee eeyyamamoo ta'an | B. Gocha aad-malee ta'e |
| 3. Haqa malee taphachuuf yaaluu | C. Icciitii |
| 4. Safartuu amala fudhatama qabuufi hinqabnee | D. Naamusa |
| 5. Bakka daa'imman naamusa gaarii horachuu itti eegalan | E. Maatii |

## III. Gaaffilee asiin gadiitiif qubee deebii sirrii qabate filadhu

1. Kanneen asiin gadii keessaa fakkeenya amala naamusa-dhabeessummaa kan ta'e kami?
   A. Seeraafi dambii mana barumsaa kabajuu
   B. Qulqullina daree barnootaa eeguu
   C. Qabeenyaa barattoota biroo fudhachuu dhiisuu
   D. Namoota biroo doorsisuu
2. Dhimma hiriyoota keenya waliin akka waadaatti waliigalle eeguun ________ jedhamee beekama.
   A. iccitii maatii
   B. iccitii biyyoolessaa
   C. iccitii hiriyaa
   D. icciitii mana barumsaa
3. Kanneen asiin gadii keessaa yeroo boqonnaakee kan irratti hirmaachuu hinqabne kami ?
   A. Kitaabilee dubbisuu
   B. Bashannanuu
   C. Maatii jeequu
   D. Hiriyyoota waliin taphachuu
4. Akka nama naamusa qabu tokkootti gochi maatii keessatti sirraa eegamu kami?
   A. Maatii gammachiisuu
   B. Maatii gammachiisuu dhiisuu
   C. Maatii abdii kutachiisuu
   D. Maatii mufachiisuuf

5. Wanti naamusa gaarii nama biraa irraa barachuu qabnu kami?
   A. hojii gaarii
   B. hojii yaraa
   C. naamusa dhabeessummaa
   D. gocha dogoggoraa

## IV. Bakka duwwaa asiin gadii deebii sirrii ta'een guuti.

1. Naamusa gaarii baratаa irraa eegamu yoo xiqqaate sadii barreessi.

A. ____________________________________________

B. ____________________________________________

C. ________________________________________________

# BOQONNAA 5

# Aadaa Waldanda`uu

## Seensa

Boqonnaa darbe keessatti waa`ee naamusa jireenya hawaasummaa keesstti jedhu baratteetta. Boqonnaa kana keessatti immoo maalummaa aadaa waldanda`uu, mul`istoota waldanda`uu, barbaachisummaa waldanda`uu, amaloota waldanda`uufi wantoota waldanda`uu irratti gufuu ta`an nibaratta.

**Bu'aalee barachuu boqonnaa kanaa:**

- Maalummaa aadaa waldanda'uu ibsuu
- Mul'istoota aadaa waldanda'uu adda baasuu
- Barbaachisummaa aadaa waldanda'uu tarreessuu
- Amala aadaa waldanda'uu calaqqisiisuu
- Waantota aadaa waldanda'uutti gufuu ta`an adda baasuu.

# 5. 1. Maalummaa Aadaa Waldanda`uu

## Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu

Xumura barannoo kanaatti:

- Aadaan waldanda'uu maal akka ta'e ibsita.
- Aadaa waldanda'uu hojiin agarsiifta

### Gaaffilee Hubannoo

- Aadaa Waldanda`uu jechuun maal jechuudha?
- Aadaan waldanda`uu bakka kamitti hojiirra oola?

Waldanda`uun garaagarummaa jiru obsaan fudhachuun nagana waliin jiraachuudha. Garaagarummaan kun yaadaan, aadaan, afaaniin, amantiin, ilaalchaafi kan biroon ta`uu danda`a. Kunis garaagarummaa kanaatiif beekamtii kennuufi kabajuun nagaan waliin jiraachuudha. Fakkeenyaaf, biyyi keenya garaagarummaa aadaafi duudhaa waldanda`uun waliin jiraachuun kan beekamtudha. Biyyattii keessatti sabootaa, sablammootaafi uummattoota adda addaatu waliin jiraata. Uummattoonni kunniin gochaalee hawaasummaa kanneen akka: jiloota, ayyaanotaafi sirnoota adda addaa qabaatanii waldanda'uun waliin jiraatu. Uummattoonni biyyattii barmaatilee ittiin waldhibdee furanniifi aadaa ittiin waliif dhiisanis niqabu.

### Gocha 5.1

- Maalummaa waldanda`uu irratti erga mar`attaniin booda dareef dhiyeessaa

# 5. 2. Mul`istoota Aadaa Waldanda`uu

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu**

Xumura barannoo kanaatti:

- Mul`istoota aadaa waldanda`uu adda baafatta;

## Gaaffii Hubannoo

Mul`istoota aadaa waldanda`uu maal fa`a?

Mul`istoota waldanda'uu keessaa muraasni isaan asii gadiiti:

- Walqixxummaa afaanii,
- Seera duratti walqixa ilaalamuu
- Waliqixxummaa yaadaa
- Walqixxummaa amantaa
- Kabaja saboota hundaaf taasifamu

Hawaasni aadaa waldanda`uu qabu, sirna dimokraatawaa qabaachuun beekama. Hawaasni akkasii walta'iinsa aadaafi afaan saboota hundaa kununsuufi garaagarummaa jiru kabajuun walqixxummaan waliin jiraata. Dabalataanis waldanda'uun mul`istoota gurguddoo asii gadii qaba.

- beekamtii waliif kennuu
- fudhatamummaa
- kabajaafi
- walhubannaadha



Fakkii5.1. Garaagarummaa waliika bajuun waliin jiraachuu

## Gocha 5.2

**Filannoowwan kennaman keessaa deebii sirrii ta'e filadhu.**

1. Kanneen asii gadii keessaa kamtuu gochaa aadaa waldanda'uuti?

   A. irraa fagaachuu
   
   B. aadaa namoota biroo tuffachuu
   
   C. namummaa kabajuu
   
   D. nama arrabsuu

2. Kanneen asii gadii keessaa kamtuu amala namoota aadaa waldanda'uu hinqabneeti?

   A. jibbiinsa afaanii
   B. namoota kabajuu
   C. walqixxummaa siyaasaa kabajuu
   D. bilisummaa amantaa kabajuu

3. Kanneen asii gadii keessaa kamtu warra kaan irraa adda?

   A. haqa dhabuu
   B. loogummaa
   C. namoota biroo gargaaruu
   D. miidhaa qaamaa

## 5.3. Barbaachisummaa Aadaa Waldanda`uu

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu**

Xumura barannoo kanaatti:

- Barbaachisummaa aadaa waldanda`uu ibsita.

### Gaaffii hubannoo

- Waldanda'uun maaliif barbaachise?

Aadaan waldanda'uu faaydaalee asii gaditti ibsaman qaba:

- Waldanda'uun nagaa uumuufi aadaa walitti bu`insaa xiqqeessaa deemuuf gargaara.
- Waldanda'uun tasgabbii, abdiifi nageenya hawaasummaa ittifuufinsaan akka jiraatu gargaara. Fakkeenyaaf barattoonni maatii, ollaa, hiriyyootaafi mana barnootaa isaanii waliin akka nagaan jiraatan gargaara.
- Nagaafi jaalala hawaasaa gabbisuu keessatti gahee guddaa qaba,
- Fudhatamummaa Aad-danummaa cimsa.

## Gocha 5.3.

- Barbaachisummaan aadaa waldanda'uu maali?

# 5.4. Wantoota Aadaa waldanda`uutti gufuu ta`an

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu**

Xumura barannoo kanaatti:

- Waantota aadaa waldanda'uutti gufuu ta`an nitarreessita
- Amala aadaa waldanda'uu agarsiifta.

## Gaaffii Hubannoo

- Waantonni aadaa waldanda'uutti gufuu ta'an maal fa'i?

Aadaa waldanda'uutti wantootni gufuu ta`an hedduutu jiru. Rakkoon jalqabaa namootni hedduun yaada waldanda'uufi walkabajuu manneen barnootaa, hawaasaafi jireenya guyyaa keessatti qabatamaan hojiirra oolchuu dhabuudha. Gochaaleen akka loogii, oftuulummaa, jibbiinsa, maqaballeessii, walirraa qoollifannaafi kanneen kana fakkaatan isaan ijoo aadaa waldanda`uutti gufuu ta`anidha.

## Gocha 5.4

1. Aadaa waldanda'uutti wantoota gufuu ta`an sadii barreessi.
2. Garaagarummaa aadaa, afaan, amantiifi yaadaa namoota biroof ilaalcha gaarii qabaachuun_______________ jedhama.

# Guduunfaa

Aadaan waldanda'uu yaada, ilaalchaafi gocha namoota biroof jaalalaafi kabaja qabaachuudha. Aadaan waldanda'uu hawaasa keessatti jaalalaafi nagayaa buusuuf gahee olaanaa qaba. Rakkoon jalqabaa namootni hedduun yaada waldanda'uufi walkabajuu manneen barnootaa, hawaasaafi jireenya guyyaa keessatti qabatamaan hojiirra oolchuu dhabuudha. Gochaaleen akka loogii, oftuulummaa, jibbinsa, maqaballeessii, walirraa qoollifannaa dhimmoota ijoo aadaa waldanda`uutti gufuu ta`anidha.

## Hiika Jechootaa

- **Waldanda'uu:** garaagarummaa namootaa yookiin garee namootaa gidduu jiraachuu maluuf kabajuufi fudhachuu danda'uudha.
- **Qoolliffannaa-** walirraa baqachuu, walfudhachuu dhabuu
- **Loogii-** dhugaa namaa jallisuu.
- **Oftuulummaa-** anatu caala yookaan kankoo qofatu caala jedhanii yaaduu.
- **Gufuu-** danqaa

# Gaaffilee Keessa Deebii

## Qajeelfama I. Hima sirrii taheen "Dhugaa" isa dogoggoraan "Soba" jechuun barreessi.

1. Waldanda'uun gareewwan hawaasaa hunda keessatti nagaafi jaalala buusuuf gahee olaanaa qaba.
2. Amaloonni oftuulummaa karaalee waldanda'uu ittiin cimsatan keessaa tokkodha.
3. Barmaatileen aadaa namoota biroo tuffachuu waldhabdee hawaasaa fida.
4. Namoonni garaagarummaa hinfudhanne waldanda'uutti gufuu ta`u.
5. Waldanda`uun guddina biyya tokkootiif murteessaadha.

## Qajeelfama II. Gaaffilee asii gadiitiif deebii sirrii filadhu.

1. Kanneen armaan gadii keessaa muli'istuu waldanda'uu kan ta`e kami?

   A. Walqixxummaa afaanii dhabuu

   B. seera duratti walqixa ta'uu

   C. Walqixxummaa hawaasummaa dhabuu

   D. Walqixxummaa siyaasaa dhabuu

2. Kanneen armaan gadii keessaa barbaachisummaa wal danda'uu kan ibsu isa kami?
   A. Loogii babal`isa
   B. Nagaafi jaalala buusuu keessatti gahee hinqabu
   C. Hawaasa keessatti walitti bu'iinsa nijajjabeessa
   D. Tokkummaa ni cimsa
3. Aadaa waldanda'uu dagaagsuuf kan tumsu kami?
   A. Nama qooduu
   B. Walqixxummaa kabajuu
   C. Waldhabuu
   D. Amala dheekkamsaa

## Qajeelfama III. Gaaffilee armaan gadii irratti mar`achuun dareef gabaasaa

1. Aadaa waldanda'uu jechuun maal jechuudha?
2. Aadaa waldanda'uu akkamitti horachuu dandeenya?

# BOQONNAA 6

# Aad-danummaa Kabajuu

## Seensa

Boqonnaa shan keessatti waa`ee waldanda`uu baratteetta. Boqonnaa kana keessatti ammo maalummaa Aad-danummaa, barbaachisummaa Aad-danummaafi Aad-danummaa keessummeessuu nibaratta.

**Bu'aalee barachuu boqonnaa kanaa:**

- Maalummaa Aad-danummaa ibsuu
- Barbaachisummaa Aad-danummaa tarreessuu
- Aad-danummaa kabajuu

## 6.1. Aad- danummaa Kabajuu

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu**

Xumura barannoo kanaatti:

- maalummaa Aad-danummaa ibsita.
- faayidaa Aad-danummaa nihimta.
- Aad- danummaa dinqisiifatta.

# Gaaffilee hubannoo

## Jechoota asiigadii hiika isaanii barreessi:

- Aad-danummaa
- Hedduumina
- Aad-danummaa Kabajuu
- Loogummaa

Aad-danummaan hawaasa baay`inummaa aadaa qabu jechuudha. Hawaasni aadaa adda addaa kanneen akka afaan, amantii, ilaalchafi kan kana fakkaatan qaban waliin bakka tokko jiraatanidha. Daree barnootaa kee keessa garaagarummaan amantaa, afaaniifi sabummaa jiraachuu nidanda`a. Kunis fakkeenya Aad-danummaati.

Biyya keenya keessatti afaanotni hedduun dubbatamuun; garaagarummaam amantaa; barmaatileefi duudhaaleen adda addaa jiraachuun fakkeenyummaa Aad-danummaa isheef ragaa qabatamaadha. Byyi Aad-danummaa qabdu akkuma halluu qalama adda addaa irra tolfameetti miidhagdi. Kanaafuu, Aad-danummaa kabajuun garaagarummaa aadaafi barmaatilee adda addaaf ilaacha gaarii qabaachuu agarsiisa.



Fakki 6.1: Danummaa biyya keenyaa

Barreeffama waa'ee Aad-danummaa ibsu kana dubbisiitii gaaffilee itti aanan deebsi.

Namni kamiyyuu uumamaan garaagarummaa qaba.
Garaagarummaan kunis karaa aadaa hawaasaa kanneen akka afaanii, seenaa, uffannaa, nyaataa, sabummaa, amantaafi kan kana fakkaataniin mul`achuu danda`a. Aad-danummaan mil'istuu jireenyaati.

Garaagarummaa kana keessatti hariiroo waliin uumuun nagaan waliin jiraachuun nidanda`ama. Kun immoo namoonni yaadaafi ilaalcha haaraa akka walirraa baratuuf carraa kennaaf. Hawaasni aadaa biroo namoota aadaan gargar ta'an irraas dandeettiifi beekumsa bal'aa argachuu danda'a. Garaagarummaa kana keessatti hambaalee aadaa, aartiifi miidhagina aadaa waliif

beekamtii kennuun barbaachisaadha. Garaagarummaa kana hundaa keessummeessuun wantoota adda nu taasisu barachuuf carraa nuuf kenna.

Garaagarummaa sirnaan kabajuufi fudhachuu dhabuun garuu rakkoota`uunidanda`a.Bakkagaraagarummaawaliihinfudhannetti waldhabdeefi walitti bu`insatu umama. Namoonni tokko tokko Aad-danummaanikabaju. Kaan garuu kan isaanii qofa leellisu. Kun immoo loogii fiduu danda'a. Kana hambisuuf kutannoodhaan Aad-danummaa kabajuu irratti hojjechuu gaafata. Kanaafuu namni hundi Aad-danummaa kabajuun, faayidaa walootiif hojjechuu danda'uu qaba.

## Gocha 6.1.

**Gaaffiiwwan asiin gadii irratti mar`achuun dareef gabaasaa**

1. Aad-danummaan karaa kamiin mul`achuu danda`a?
2. Garaagarummaa walii fudhachuu dhabuun rakkoo akkamii fida?

# 6.2. Barbaachisummaa Tokkummaa Aad-danummaa Keessatti


**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu**

Xumura barannoo kanaatti:

- Barbaachisummaa tokkummaa Aad-danummaa keessatti ibsita.
- Garaagarummaa keessatti tokkummaan maal akka ta'e himta.

## Gaaffilee Hubannoo


- Aad- danummaa keessatti tokkummaan maaliif barbaachise?
- Suuraa asiin gadii irraa maal hubatta?



Fakkii 6.2. Tokkummaan human

Tokkummaan humna. Aad-danummaan immoo miidhagina. Kanaafuu, tokkummaan Aad-danummaa keessaatti humnoomuuf, miidhaginaaf, walqixxummaafi nageenya fiduuf barbaachisa. Tokkummaan Aad-danummaa keessatti heddummina jiru hubachuun namoota gidduutti hariiroo gaarii fiduu irratti hundaa`a. Tokkummaan nagaadhaan waliin jiraachuufi waliin hojjetanii guddachuuf gargaara. Tokkummaan Aad-danummaa keessatti miira waliin jiraachuu namoota bakka hojiitti, manneen barnootaafi hawaasa keessatti nidabala. Namoota gidduuttis qindoomina, hariiroofi gareen hojjechuu fooyya'aa ta'e niguddisa.

Ad-daneessummaa keessatti tokkummaan jiraachuun rakkoolee adda addaa nisalphisa. Fakkeenyaaf, Uummata Oromoo biratti namoonni waan dhuunfaan raawwachuu hindandeenye waliin ta`anii karaa buusaa gonofaan, dabooniifi kan kana fakkaataniin rakkoo isaanii furatu.



Fakki 6.3: Gamtaan rakkoo hawaasummaa furuu

## Gocha 6.2

1. Haala hojiifi hojiirra oolmaa buusaa gonofaafi daboo naannoo keessan keessatti maal akka fakkaatu mari'adhaa.

## Seenessa

Bara durii jaarsa ijoollee afur qabutu ture. Ijoolleen arfanuu waliif hingalan turan. Haalli isaanii abbaa isaanii yaaddessaa otuu jiruu baay`ee dhukkubsate. Abbaan isaaniis ijoollee kana gorsuu waan barbaadeef gara isaatti waame. Yeroo ijoolleen isaa dhufan wal loluun isaanii sirrii akka hintaane gorsuuf jecha uleewwan hedduu walitti qabee dabaree dabareen akka cabsan gaafate. Ijoolleen arfanuu ulee baay`ee iddoo tokkotti walitti qabame kana cabsuu hindandeenye. Dhuma irratti ilmi inni xiqqaan

uleewwan kana adda babbaasee tokko tokkoon cabsuu jalqabe.

Abbaan ijoollees argitanii ijoolleekoo, tokkoon keessanillee uleewwan iddoo tokkotti walitti qabaman kana cabsuu hindandeenye. Garuu amma yeroo adda babbaaftan salphaatti cabsitan. Hubattanii isinis akkanuma. Yeroo waliigaltee dhabdan ormi addan isin baasee salphaatti isin miidhuu danda`a. Garuu yoo waliigaltanii tokko taatan eenyuyyuu isin cabsuu hindanda`u jedheen. Isaanis gaafa kanaa eegalanii waliigalanii jiraachuu ittifufan jedhama.





Fakkii 6.4:Waliigalan alaa galan

## Gocha 6.3

- Seenaa armaan olii kana irraa maal baratte?

Walumaagalatti tokkummaan Aad-danummaa keessatti:

- miira waliin jiraachuu namootaa nidabala.
- hariiroofi tumsa namoota jajjabeessuun omishtummaa, qulqullina hojiifi akkaataa jireenyaa fooyyessa.
- hariiroon bu'a qabeessa ta'e akka jiraatu taasisa.
- waldhabdee karaa nagaan furuuf gargaara.
- walqixxummaa mirga namummaa eeguuf gargaara.
- tokkummaa biyyaa ijaaruu keessatti gahee olaanaa qaba.
- hambaalee aadaa biyyaa kunuunsuuf gargaara.

## Gocha 6.4.

**Qabxiilee asii gadii irratti mari'achuun dareef gabaasaa.**

1. Aad-danummaa keessatti miidhaa tokkummaa dhabuun fidu himi.
2. Waa'ee barbaachisummaa tokkummaa aad-daneessummaa keessaa qabxii lama barreessi.

# 6.3. Aad- danummaa Keessatti Faayidaalee Waldanda`uu

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu**

Xumura barannoo kanaatti:

- Fayidaalee waldanda'uu ibsita.
- Aadaa namootaa biroo nikabajja.
- Garaagarummaa aadaa nidinqisiisatta.

Waldanda'uun nama dhuunfaa yookiin garee hawaasa tokko akkaataa ga'umsafi kabaja isaanii irratti hundaa'uun keessummeessuudha. Amantii, jireenyaafi ilaalcha namoota biroo kabajuuf fedhii qabaachuudha. Kun immoo walkabajanii waliin jiraachuuf, walgargaaruuf, beekamtii waliikennuuf, walirraa barachuuf, nagaan waliin jiraachuuf, misooma saffisiisuuf, jaalala cimsuufi kkf nifayyada. Oromoon aadaa saboota adda addaa kabajuufi beekamtii kennuun beekama. Oromoo biratti aadaa dhala namaa qofa osoo hintaane bineensonni bosonaallee kabaja qabu. Kun safuufi safeeffanna isaati.

## Hiriyyoota Mana Barumsaa

Iftuu, Tolasaafi Qajeelaan barattoota kutaa afuriiti. Hiriyoota dhugaan waljaallataniidha. Iftuun amantiin ishee musiliima. Tolasaan amantii kiristaanaa hordofa. Qajeelaan immoo amantii waaqeffannaa hordofa. Ijoolleen kunneen baay`ee waljaallatu. Hunduu safuu qabu. Barsiisota isaanii kabaju. Mana barnootaa isaanii keessatti naamusa gaarii qabaachuun fakkeenyadha.

Barnoota isaaniittis qaxaleedha. Guyyaa ayyaanni garaagaraa kabajamu hunda waliin qooddatu. Fakkeenyaaf, gaafa ayyaana musiliimotaa mana Iftuufaatti waliin dabarsu. Yeroo ayyaana kiristaanaas Iftuun mana hiriyoota ishee deemuun waliin gammachuu isaanii qooddatti. Amalaafi barsiifata isaanii kanatti barattoonni biroon baay`ee gammadu. Akka isaanii tahuufis carraaqu. Keessumattuu guyyaa Irreechaa immoo sadan isaaniiyyuu uffata aadaa Oromoon faayamanii gammachuun waliin dabarsu. Maatiin isaaniis gocha barattoota kanatti baay`ee gammadu. Iftuu, Tolasaafi Qajeelaan yeroo hunda "Garaagarummaan amantii keenyaa miidhagina keenya jedhu!" jedhu.

## Gocha 6.5.

1. Garaagarummaa qabaachuun waliin jireenya daangessaa?
2. Gocha Iftuu, Tolasaafi Qajeelaa irraa maal baratte?



Fakki 6.5: Aad-danummaa barattoota gidduutti

## Gocha 6.6

1. Seenessa kana irraa maal baratta?
2. Seenessi kun kabaja Aad-danummaa haala kamiin mul'isa?

# 6.4. Aad-danummaa Keessummeessuu

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu**

Xumura barannoo kanaatti:

- Aad-danummaa nidinqisiifatta.
- Aad-danummaa keessummeessuun agarsiista.

## Gaaffilee Hubannoo

- Aad-danummaa daree barnootaa keessatti akkamiin keessummeessita?

Addunyaa nuyi keessa jiraannu kun garaagarummaan kan badhaatedha. Garaagarummaan kun immoo uumamadha. Kana waliifudhachuun barbaachisaadha. Saboota, sablammootaafi ummattootni biyya keenyaas aadaa adda addaa kan mataa isaanii niqabu. Yeroo dheeraatiif aadaa waliif beekamtii kennuun waliin jiraachaa turaniiru. Kun immoo hawaasa gidduutti walkabajuu, walgargaaru, waltumsuufi oftahanii jiraachuu isaanii guddiseera. Akkasumas, aadaa walhubannaa ummataa akka dagaagu taasiseera.

Aad-danummaan mana barnootaatiif miidhaginadha. Barattoonni aadaa garaagaraa keessaa gaafa walitti dhufan afaan, beekumsa haarawaa, akkaataa yaaduufi muuxannoowwan adda addaa walirraa qooddatu. Walumaa galatti, manni barumsaa Aad-danummaa waan qabuuf carraa aadaa, afaan, amantii sabootaatti madaquu nama horachiisa.







Fakkii: 6.6: Argisiisa Aadaa

## Gocha 6.7.

**Qabxiilee armaan gadii irratti mari'achuun barattoota dareef gabaasaa.**

1. Aad-danummaa keessummeessuu jechuun maali?
2. Aad-danummaa simachuun walitti dhufeenya hawaasummaatiif gumaacha jettee yaadda?

## *Shubbisa Aadaa*

*Barsiisaa Gurmeessaan mana barumsaa Bokkuu sadarkaa tokkoffaa keessatti barsiisaa barnoota safuu kutaa $4^{ffaa}$ti. Barannoo waa'ee waldanda'uu Aad-danummaa erga xumuree booda barattoota isaaf abbaltii kenne. Abbaltiin kun barattoonni shubbisa aadaa naannoo isaanii jiru maatii gaafatanii dhufuun dareetti akka agarsiisan ture. Barattoonnis hojii kennameef kana qabatanii dhufan. Barsiisaanis shubbisa naannoo isaanii jiru qabatanii dhufan san akka dhiyeessan taasise. Barattoonnis dabaree dabareen dhiyeessan. Shubbisa waltajjii irratti yeroo agarsiifaman, barattoonni kutaa hundaa akka irratti hirmaatanii daawwatan affeeranii ture.*

*Shubbisni dhiyaate aadaa godinaalee adda addaa waan qabateef baay`ee hawataa ture. Barattoonni daawwataa turanis baay`ee itti gammadanii ture. Gochichi muuxannoo hindagatamneefi yeroo namni hundi yaadatu ture. Haala qabatamaa keessatti shubbisa saboota garaagaraa waan arganiif barattoonni hunduu taatee kana daran dinqisiifatan.*

## Gocha 6.8.

Shubbisa barattoonni dhiyeessan kana irraa maal akka barattan irratti mari'adhaatii daree barnootaaf dhiyeessaa.

## Gudunfaa

Aad- danummaan hawaasni aadaa adda addaa qabu waliin jiraachuudha. Aad danummaa kabajuun hawaasa aadaa adda addaa qabuuf beekamtii kennuun nagaan waliin jiraachuudha. Aad-danummaa kabajuufi walqixa ilaaluun aadaa keenya irraa akka fayyadamnu taasisa. Oromoon aadaa saboota adda addaa kabajuufi beekamtii kennuun beekama. Oromoo biratti aadaa dhala namaa qofa osoo hintaane bineensonni bosonaallee kabaja qabu. Kun safuufi safeeffannaa isaati. Aad-danummaan faayidaan isaa guddaadha. Fakkeenyaaf walkabajuu, walgargaaruu, walqixxummaa, haqummaanfi jaalalli akka jiraatuufi misoomni biyyaa akka saffisu taasisa. Aadaa namoota biroo kabajuufi beekamtii kennuu dhabuun immoo gareewwan adda addaa gidduutti waldhabdeen akka uumamu taasisa. Kun immoo nagaafi tasgabbiin akka hinjiraanne taasisa. Kanaafuu Aad-danummaa kabajuun waldanda`uufi jaalalli akka jiraatu taasisuun guddinni biyyaa akka saffisu godha.

## Hiika Jechootaa

- **Heddumina:** baayinummaa karaa jireenya hawaasaa, afaan, amantii, aadaa, ilaalchaafi kkf agarsiisa.
- **Aad-danummaa simachuu:** hawaasa garaagarummaa amantii, afaanii, sabummaa, ykn kan biroo qabu wajjin waldanda’anii jiraachuu agarsiisa.

## Gaaffilee keessa deebii

**Qajeelfaama I: Hima sirrii ta'een"Dhugaa" isa dogoggora ta'een immoo "Soba" jechuun barreessi.**

1. Aad-danummaan aadaa guddina biyyaaf gumaacha qaba.
2. Aad-danummaa yeroo kabajnu aadaa keenya irraa fayyadamuu dandeenya.
3. Aadaa namoota biroo xiqqeessuun gareewwan aadaa adda addaa gidduutti waldhabdee uumuu danda'a.
4. Aad-danummaa kabajuufi aadaa saboota adda addaa walqixa ilaaluun barbaachisaadha.

**Qajeelfama II. Yaadota gabatee keessatti ibsaman dubbisiitii waliigaluukeefi waliigaludhiisuukee mallattoo "√" agarsiisi.**

| No | Yaadota | Waliin-gala | Walii hin galu |
|---|---|---|---|
| 1 | Namoota irraa muuxannoo gaarii argachuu nandanda`a | | |
| 2 | Maatiifi duudhaa kootiin nanboona. | | |
| 3 | Maatiifi mana barumsaa koo keessatti fakkeenya nagayaa nanta`a. | | |
| 4 | Yaadota aadaa hawaasaa xiqqeessan irraa ofanqusadha. | | |
| 5 | Daa'imman adda addummaa mataa ofii qabaachuu isaanii nan amana. | | |
| 6 | Daa'imman eenyummaa isaaniitiin jaallatamuufi kabajamuu qabu jedheen amana. | | |
| 7 | Ijoolleen akka na jaallataniifi hiriyaa gaarii naaf ta`an nan hojjedha. | | |
| 8 | Aadaa maatii daa'imman mana barumsaa koo jiranii hangan danada'e nanbaradha. | | |

**Qajeelfama III. Gaaffiiwwan asii gadii irratti mari'adhaa**

1. Aad-danummaa kabajuun faayidaalee maal fa`a qaba?
2. Loogii xiqqeessuuf yookiin hambisuuf tarkaanfii akkamii fudhachuu dandeenya?